OROMO LIBERATION FRONT

ADDA BILISUMMAA OROMOO

ARCHIVE OF PRESS RELEASES
DURING THE PERIOD OF INTERIM ARRANGEMENT
2001 - 2005

OROMO LIBERATION FRONT
ADDA BILISUMMAA OROMOO

15-06-2001

Ejjennaa Waraana Bilisummaa Oromoo Zoonii Kibba Oromiyaa

Nuti qabsaawotni, miseensotaa fi qondaalootni, Waraana Bilisummaa Oromoo Zoonii Kibbaa (WBO-ZK) sababoota armaa gadiitiif qaama hooggana ol'aanaa (Shanee Gumii-Gumii Sabaa/ Wajjiraa Huyyu Duree Gumii Sabaa-ABO) amma aanggoo irra jiru irratti komii jabaa qabna.

1. Rakkina fi dadhabiileen yeroo ammaatti Dhaaba keenya takaalanii jiran furmaata akka hin argatne aangoo ofii fi jireenya qananii ofitummaa dhaa aanjeffachuuf kaayyoo bilisummaa, dagachuun of duuba deebisuuf hojjechuu;

2. Namootni badii fi dadhabbinaan beekkaman qaama kana biratti farfatamuu fi muudamuun bakkoota murteessoo qabsiisuu, kanneen fakkii gaarii ta'anii rakkinaa fi dadhabilee dhaabni qabu qulqullummaan furmaata gochuuf tattaafatan irratti olola maqa balleessii oofuu /oofsisuu galafuu fi miseensummaa mulquudhaan dhaabichi ayyaan-laalatootaa fi dadhabdootaan akka liqimfamu taasisuu;

3. Waan jalatee fi badiilee argaman sirreessuuf gaaffii, yaadaa fi, qeeqa miseensootni dhiheessan akka badii fi cubbuutti fudhachuun, miseensoota akkasii nyaaphatti ilaaluu, gartuu abaluu, jedhanii maqaa hin jirre itti mogaasuun dhaaba fi qabsoo irraa akka fagaatan gochuu;

4. Hariiroon qabsaawotaa hafuura jaallummaa fi saboonummaa dhaabni keenya irratti ijaarame hordofee rakkina dhaabaatiif furmaatani gamtaa akka hin argamne waliigaltee dhabsiisuuf gandaa fi amantan hiranii akka tokkummaan walii wajjiin hindhabbatne wal shakkiin akka umamuu hojjetuu;

5. Humna qabsoo, biyya keessa jiru gidduutti argamanii jajjabeessuu irra sababaalee qufsoo hin taane yeroo yerootti uummachuun biyya ormaa keessa bashananuu fi horii maqaa qabsoo fi qabsaawota wareegamaa jiraniin argamu qisaasuu;

6. Qabsoo hidhatnoo akka lagatamu duula harka naannoon geggeessuu, matootii jaarmayaa farra qabsoo hidhatnoo tahan waliin hariiroo uummachuun qabsaawota falamaa irra jiran kan akeeka isaanii hin fudhatne hamilee buusuuf hojjechuu;

7. Imaammatni, qajeelfamnii fi labsi hoggana irraa maddu kayyoo bilisummaa tarkaanfachiisuu hanqatee qabsaawotaa fi hawaasa keessatti afanfajawiinsaa fi shakkii guddaa akka uumu taasisuu;
8. Waltajjii rakkinaa fi dadhabiileen dhaabaa furmaata hundee itti argatu korri sabaa inni sadaffaa walaba tahee akka hin qophoofne bakkaa koraa fi bakka bu'oota koricha irratti argaman akka ofii fedhaniitti qopheeffataa jiraatuu.

Waanta'eefis, haallen olitti ibsaman balaa dhaaba keenyaaf qaban hubachuun dhaaicha balaa caalu irraa dandamachiisuuf kanneen armaan gadii akka guutaman yaadaa fi ejjennaa keenna:

1. Hogganni gaafatama isaa bahuu hanqachuu bira dabree qabsoo bilisummaa saba Oromoo naaffisaa jiru kun aanggoo akka lakkisu;

2. Qabsaawotaa fi deggertootni keessaa fi alaan hiree argame maraan walqunnamanii akkaataa rakkinaa fi sakaalaa kana keessa itti baanu ifaa fi walaba ta'anii yaada wal jijjiiratuu;

3. Koreen qopheessitu Kora Sabaa utubamuu fi hojii jalqabuu dhageenya. Koreen utubamte tun walaba taate kora dhugaa, rakkina dhaabichaa kan waggoota dheeraaf furmaata dhugaa argamsiisu qopheessuu dandeessu miti. Sirni itti ijaarame, miseensotni keessatti akka hirmaatan godhaman dirqama isaanii walabummaan bahuu kan hin dandeenye dha. Kanaaf, Kora Sabaa qophiin isaa miseensota dhiifnaan miseensoota GS irraahuu iccitaawee haala sirnaa fi tartiiba hin hordofneen qophaawaa jiru irraa qooda kan hin fudhatne tahuu ibsina. Korichi walabummaan hunda kan haammatu

akka tahuuf, qaamni miseensota hooganaa fi jala kaatota isaanii irraa bilisa tahe utubamee, gaafatama qophii kora sabaa geggeessuu fi yaamuu fudhatu walaba tahe, akka filamu;
4. Hogganni ammaa kun ofittummaadhaan kaayyoo bilisummaa dagatee quba qabeenya miseensootaa fi ummata bal'aa Oromoona alatti haasawa maqaa nagaan lafajala deemsisaa jiru jabeesinee mormina duras dhaabbatna;

5. Kaayyoon daandii irraa akka hin maqne taasisuuf haala tartiibni sirnaa if seeraa caphee gartuun xiqqoon waan fedhe godhu keessatti waan argamnuuf qaamni hoggana SHG ykn WHD kan nu qunnamee ajaja nutti kennee fudhatnu yoo yaada nuti olitti dhiheesinu hojiitti hiikuuf fedhiin jiraate qofa;

Qaamota fi Miseensota ABO tiif,

Jaallan qabsaawotaa fi deggertoota daandii haqaaf fi bilisummaaf dhaabbattan, nuti, qabsaawoti, miseensootii fi qondaalootni Waraana Bilisummaa Oromoo Zoonii Kibbaa (WBO-ZK) qunnamtii qaama hoggana ol'aanaa waliin qabnu fi haala zoonii keenya keessaa jiru xiinxallee hubachuu irraa kan ka'e ejjetaa fi murtii xalayaa kanaa wajjiin jiru fudhachuuf dirqamne. Ejjetni kun akeekni isaa kaayyoo bilisummaa, gurmuu dhaabaa fi hawaasaa, hafuura jaallummaa qabsaawotaa akka tikfamu, hirbuu seenne hojiin mirkaneessuu.

Karaa seeraa fi sirnaa irra dedeebinee gaafilee, iyyannoo fi yaada ijaaraa kennachaa yoona geenye. Garuu akka waan humna nyaaphaa taaneetti qorannoon dhoksaa nu irratti oofamaa, ada nu qooduuf duulli dirree bahaa fi lafa jalaa nu irratti raawwatama, wanti nuti gaafannuu fi gabaafannu deebii nuuf hin argatu; ifaajii fi wareegamni qaaliin qabsoo kanaaf baasaa jirru qaama hogganaa kana biratti bakka hin qabu; hoggayyuu akka waan dirqama didnuu fi bobbaa sodaaneetti ololli nu irratti oofama. Hir'inni dhiheessii fi naannoo haalli qileensaa hamaa ta'e keessatti barootaaf jiraatnee qabsicha jiraachisuu fi diina ajjeefnee wareegamuu caalaa yoo maal goone amanamna, fudhatamas qabaanna laata?

Hanga ammaatti iyyannoo keennaaf deebiin hoggana ol'aanaa irraa argatne "Yoo feetan iyyannoo keessan GS/ KS irratti dhiheefatuu ni dandeessan" kan jedhu dha. "Teessuma KS/GS" isa yoom ta'uuf jiraatu irratti? Akka amma dhageenyutti yoo ni ta'a ta'hellee warri yaada qaama kana qeeqanii fi gaaffii irratti dhiheessan akka hin hirmaatnee fi hirmaatanis hin dhagahamnee fi hin fudhatamne duula jalqabaniiru. Kun muxannoo "Teessuma KS/GS" amma dura Hamaritti (Somaleetti) ta'e irratti kan mul'ate waan ta'eef akka waan haaraatti nu hin ajaa'ibu. Amma duras takkaa irraa qooda fudhatnee waan hin beekneef ammallee carraa qooda fudhatnaa ykn Hirmaachifamuuf abdii hin qabnu. Maqaa qaama nuti itti miseensa taanee Gstin wanti marihatnu achitti murtaawee dabalees nu dura ummataa fi addunyaaf ibsama ykn bittineefama ture.

Jaallan,

Fedhiin keenya kaayyoon ganama kaaneef akka bakka gahuuf ofittummaan , ayyaan laalattummaan, affoolleummaan, sirna dhablummaan, ofiin buluun, dirqama wareegama gaafatuu irraa dheessanii sadoo reebuun, hijaa hin barbaachifneen waldhabamsiisuuf wal irratti duuluun fi harkifatnaan qabsoo keenya laamshessaa jiru akka hafudha. Hoogganni dhaaba keenyaa akka eegamuu fi ta'uu qabutti haala qabatamaa yeroo ammaa jiru irratti hunda'uun (keessattuu haala mijjataa yeroo ammaa biyya keessaa fi biyya alaaatti jiru qisaasuu dhabuun) adda durummaan qabsoo keenya duratti kan tarkaanfachiisu ta'u qaba. Hegeree qabsoo bilisummaa keenyaa mamii keessa seensisuun ofiis hamilee dhabee nuunis hamilee dhabsiisuun, diina garaa laafisachuuf mala guuraa ooluu osoo hin ta'in onatee kan nu nnachiisuu, akeekni tokkummaa humnoota bilisummaa Oromiyaa (ULFO) akka fiixa bahu fakkii tahee adda durummaan kan hojjetu ta'uu nutis ummatni keenyas abdanna, eeganaas. Haalli amma mul'atu garuu faallaa kanaati. Kun hubatnoo keenya qofaa osoo hin ta'in kan miseensoota fi deggertoota dhaaba keenyaa naannoo biraas jiraniiti jenne amanna.

Jaallan Ilmaan Oromoo kanneen naannoo biraati dhufanii osoo nu wajjiin qabsaawanii wareegamaniif kabajaa guddaa qabana. Uliftni bara baraa isaaniif haatahu jenna. Yoom illee hin irraanfannu. Kanneen har'a illee ilmaan saba tokko ta'uu keenya beekuun olola diigdotaa irraa gurra cufatuun nu waliin qabsaawaa jiran ni jaallanna, ija of/wal ilaalluun ilaalla. Hundeen hariiroo keenyaa Oromummaa keenyaa fi kayyoo bilisummaa tokkummaan hiriirreefi. Kanneen fagoo dhuftanii nutti dabalamuuf jiraattanis harka bal'ifnee simachuun waliin qabsoofna. Ofiis Oromiyaa keessatti dangaan homaatuu kan nu hin ittifne sossoonee qabsaawuuf qophii tahuu keenya irra deebinee mirkaneessina. Kan kana

ibsineef komiin keenya hoooganicha irratti malee qabsaawota akka keenyaa zoonilee fi godinaalee oromiyaa gara garaa keessatti diinaa wajjiin falmaatti jiranii fi ummata Oromoo kan dhaabbatneef irratti akka hin ta'in ifa gochuufi. Gaaffii fi yaadni keenya qabsoo keenya waliigalaaf furmaata maddisiisuu akeekkateeti malee zoonii qofaatti xinneeffamee akka nu duraa hin ilaalamne qabsifna.

Jaallan Qabsaawotaa fi Deggertoota keenya!

Haala fedhe keessatti kaayyoo bilisummaa fi tokkummaa dhaaba keenyaa tiksuuf fedhii qabnu irraa ejjennaa akkanaa fudhachuun kan hin aadeffamnee fi oodefatamu ta'uu isaatiin tarkaanfiin keenya kun kan rifachiisuu fi aja'ibu jiraatuun ni mala. Nuti garuu aadaan kun caphee furmaatatti akka baanuuf kan goone yoo ta'u sababaa dhugaa kana baafnee dubbannee fi himneef hanga kealeessaa caalaa duulli moggeeffamuu fi kopheeffamuu nu irratti raawwatamus, rakkoon jireenyaa fi falamaan diinaa wajjiin addatti kan nu mudatu ta'us irbuu saba keenya bilisummaan gahuuf seene irraa secondillee kan of duuba hin deebine ta'uu mirkaneesina. Warri haqaaf, dhugaaf, sirnoominaa fi milkoomina qabsoo keenyaaf hawwii qabdan marti akka nu bira dhaabbattan irra deebinee yaaminsa warraaqsaa isiniif goona.

Hubachiisa:

Kanneen dhimma kana irratti nam-tokkeen ta'ee jaarmayaan (murnaan) nu qunnamtanii yaada keenya daran baruu fi akkaataa akeekni keenna kun itti
fiixabahu irratti nuun marihatu barbaaddan hanga bakka jirruutti dhuftanii nu qunnamuu dandeessu. Kanneen osoo qaaman nu biratti argamuu fedhii qabdanii aanjaa itti dhabdan daandiilee walqunnamtii baranee kan lafa guute keessaa kan isiniif aanjeen karaa bakka bu'oota keenyaa dabra-dabarsaan nu qunnamuu fi yaada waljijjiiratuu akka dandeenyu hubachiifna.

Injifatnoo Uummata Oromoof!

Waraana Bilisummaa Oromoo - Zoonii Kibbaa

OROMO LIBERATION FRONT
ADDA BILISUMMAA OROMOO

Fulbaana 18, 2001

Ibsi Dharaa Dhugaa Qabatamaa Jiru Hin Jijjiiru

Haala WBO ZK ilaachisee waan SHG hanga yoonaa godhee fi jedhe kan wal faallessu ta'uu yaadachiifna.

1. Akka WBO ZK ibsa baaseen "ibsichi kan nyaaphaati malee kan WBO mitii"jedhee ibsa balaaleffannoo baase.

2. Qaamaan nu gidduutti argamnaan keenya ta'uu ibsineef. "Abaluu fi abaluufaatu adeemsa hooggana dhaabaatti quufa hin qabne.Yoo isaan keessaa hin qabne gaaffiin keessan dhugummaa waan qabuuf nuti yaada keessan fudhatuu bira dabrinee ni deggerra. Deebinee gabaaaafnee akka mariin fixannu yaada dhiheessina jedhan.”Nuti ofumaa yaada dhiheessine isinis ta'ee jallan biraa (miseensaa fi hooggana hunda) kanneen furmaataaf nu wajjin hojjetan gammachuun ofitti fuuna. Furmaatni rakkichaa hirmaannaa warra isin hammeenyaan maqaa dhooftaniis waan barbaachisuuf gaafa baallamaa wajjin nuuf dhihaadhaa.Sirnaa fi tatiiba jaarmayaa keennaa irra utaaltanii akka ammaa kanatti nu quunnamuu hin yaalinaa jenneenii fudhatanii dacha'an.

3. Dhiba jiru furatuuf baallamannee erga wal biratti dhihaannee hir'na karaa isaanii mudateen utuu hin haasa'in adda deebine.

4. "WBO ZK fincile" jechuun amananii xalayaa miseensonni akka irratti dubbataniif bittinneessan irratti ibsan.

5. Bakka argaman hundaatti afaanii fi barruun "WBO nZK kan amma fincile kun gatii hin qabu,

takkaa iyyuu dhukaasee hin beeku. Kan bobbaa didee nu dhibee dha" jechuun olola dharaa waltajjii gara garaa irratti oofan.

6. Lukkee fi jalee isaanii naannoo keenyatti bobbaasuun namoota maallaqaan dhaabbii jijjiirsisanii hiriirfatuuf nu keessaa hawwatuuf yaalanii sun itti haqqabamee fashalsiifame.

7. Maquma keenna moggaafatanii ibsa sobaa baasanii "Ibsi yeroo dabree kan namoota afur qofa" jedhanii SBO irratti lallaban.

8. Ammas maquma keenna of mooggaasuun "Ibsi yeroo dabre kan hoogganoota sadarkaa muraasaa olii malee warri hafne keessa hin jirru" jechuun ibsa biraa baasanii jiru. Afur irraa haganatti ol wayyeessuun gara dhugaatti dhihaataa waan jiraniif isa itti aanutti, ibsichi kan WBO ZK hundaa ti jedhanii bakka keenna bu'anii akka ibsa nuuf baasan ni abdanna.

9. Yaaliin wal faalleessaan olitti xaxan itti baha argamsiisuufii didnaan magaalota naannoo bobbaa keennaa keessa jiranitti telefoona bilbilanii odeessa dharaa fi afaanfaajjessaa bittinneessuutti dabalanii kan yaada keenna dura dhaabbatu yoo argan akka badhaasan ibsuun maallaqaan nama bituuf horii dhangalaasaa jiru.

Humna duraan wal nu dhabsiisanii akka nurraa moggaatti bahu godhan gurmeessanii wal dura nu dhaabuuf carraaqiin godhan hanqannaan amma human wal nu shakkisiisuu fi wal afaan nu deebisuuf yaalii maseenaa geggeessaa jiru. Nuti human tokko akkuma taanetti yaadaa fi dhaabbiin keennas tokkicha.Ibsi maqaa ofiitiin baasan bu'aa argamsiiuufii didnaan maqaa keennatti faayideeffatanii milkii ilaallatuu barbaadaa jiru.Qaanii fi gaafatamni itti dhaga'amuu biraa fagatanii jiru jechuu dha. Nu tokkoomsuu mannaa nu diiguuf gochaa isaan raawwataniin yeroo sagiliin moggaatti baatee jaalli tokko lafa dheebuu keessatti nama irraa adda bahee kufe yaadannoo gaddisiisaa dhihooti. Kan dabre irraa utu hin baratin nu qooduuf yaaluu fi wal nu shakkisiisuuf ijibbaatuun kunis yeroo nuti wal dhabnee balaan mudate gammaduuf akka ta'e nuuf ifaadha.

Ololli dharaa kan SHG oofu tokkummaa keenna kan hin laaffifnee fi eennuu keennahuu dhaabbii hin jijjiirsifne ta'uu, jaallan nurraa fagoo fi ummanni keenna olola sobaa fi rakasa kana dhugaa akka hin seene hubachiisaa hammeenya gochaan SHG dhalchuuf gaafatamni kanuma miseensota qaamichaa kanneen mudhii hidhatanii itti jiranii ta'uu dursinee qaabachiifna.

Carraa kanatti dhimma bahuun SBOn kan akeeka qabsoo bilisummaa saba keennaaf dhaabbatte akeeka faallaaf faayideeffatamuun duula nu irratti geggeessaa jiraachuun baayyee kan nu ajaa'ibu fi nu gaddisiise ta'uu ibsina. Radi'oo kana kan dhuunfaatti lakkoofnee dhaggeefachuu lagatuuf dirqamaa jirra.

Dharri haqa mohuu hin danda'u!
Injifannoo ummata Oromoof!

WBO ZK Oromiyaa

OROMO LIBERATION FRONT
ADDA BILISUMMAA OROMOO

PRESS RELEASE
October 1, 2001

ESTABLISHMENT OF INTERIM ARRANGEMENT OF THE OLF

The task of protecting and promoting the fundamental objective of liberating the Oromo people from subjugation is the solemn pledge for which members and supporters of the Oromo Liberation Front (OLF) have vowed to give their precious lives. Our organization, the OLF, is currently in a grave internal crisis that puts to test the capacity and wisdom of OLF members, supporters, and the Oromo

people to live up to this commitment. The crisis is not something that has emerged overnight. It is a culmination of a persistent trend by elements within the OLF, in collaboration with external enemies of the Oromo people, to reverse the objective of genuine liberation. A renegade clique is currently finalizing its plan to lend legitimacy to its dictatorial practices and to realize its disastrous agenda. In response, OLF militants have taken a definitive step to foil this plan and protect the fundamental objective of liberation that has inspired the Oromo people from corner to corner.

The clique, after grabbing exclusive control of OLF organizational power, initiated and caused to be issued on February 3, 2000 the so-called "agenda for peace". The agenda, reversing the fundamental objective of genuine liberation, declared commitment to an objective of negotiating terms of servitude within the Ethiopian system of domination. It is a continuation of a trend followed by some members of the former OLF leadership who had secretly agreed to renounce armed struggle and to accept the existing Ethiopian constitution which is the basic instrument of domination. Ignoring the concerns, questions and criticisms expressed by OLF members regarding the abandonment of liberation goal, the dictatorial group launched a campaign of reviling militants, issuing threats, removing officials from positions of responsibility, and denying access to information under its exclusive control. In an attempt to isolate those who disagree with its agenda, the clique has worked to divide Oromos along regional lines, and it has done everything in its power to destroy the spirit of amity and to sew the seed of discord among Oromo compatriots. With the express purpose of dispersing the Oromo Liberation Army (OLA), it cut off all kinds of supplies to freedom fighters. It is actively engaged in cooperation with foreign opponents of the armed struggle in order to weaken the OLA and has preached to freedom fighters the futility of pursuing an armed struggle with a view to kill their fighting spirit. The group worked assiduously to destroy the strong unity of purpose between the Oromo people and freedom fighters. Its rampant breach of rules, regulations, and the code of conduct of the organization and its blatant abuse of the EC's power has set bad example for others to act irresponsibly. All this has given rise to pervasive lawlessness, insubordination, paralysis and ultimately grave organizational crisis. To make matters worse, the group is advocating in public that--since the OLF does not have an effective organization and since there is no spirit of self-reliance and free initiative--the best thing is to abandon the objective of liberation and join a peaceful political competition within the political reality of the empire. Having secured exclusive control over the organization's resources, including information, the group has created a situation of complete paralysis under absolute dictatorship over the affairs of the OLF.

Realizing the gravity of the situation that had befallen the organization, concerned OLF officials, elder members, combatants and other militants got together and proposed a conference to serve as a forum where all shades of views can be represented and freely expressed to define the nature of the problem and recommend solutions. Because of the prevailing reality within the OLF, the basic requirement of the proposal was that the conference should be jointly organized and democratically conducted in the presence of a neutral third party observer, without any group having any chance of manipulating the process or outcome of the conference. The clique rejected the proposal and hastily called its own conference whose myopic purpose was to legitimize its dictatorial hold on power. The rejection indicates how desperately the clique needs to dominate a forum to hoodwink attendants--without any challenge--that its actions and its "agenda" are consistent with the objective of genuine liberation.

It is evident that the dictatorial clique has forfeited any legitimacy and legality by systematically working to immobilize the organization and by abandoning the fundamental objective it has the duty to protect and promote. It is, hence, incumbent on OLF members and supporters to rectify the situation by undertaking to restore legitimacy and constitutionality of activities of the organization. In order to

protect the fundamental objective of our organization with spirit of activism and self-discipline, to restore the primacy of abiding by organizational rules and regulations, and to resolve the problems in our organization in a democratic manner, representatives of OLA, members of the Executive Committee of the National Council, as well as OLF elder members operating in the field and elsewhere, have declared the establishment of an Interim Arrangement of the Oromo Liberation Front (IA-OLF).

Dear Fellow Members,

Our organization is facing an unfortunate situation that endangers the solemn objective of liberation. Members have been muzzled from speaking up and our fighting spirit dampened. The absence of firm purpose and initiative in the organization have opened up an opportunity for the enemies of the Oromo people to have a field day at the expense of the right of our people to be free from subjugation. We are giving a wake up call so that the desperate situation may give way to a spirit of renewed activism and resoluteness among militants. The unbridled arrogance and opportunism that has epitomized the behavior of a few members of the current leadership must be eliminated. From now on, the various bodies with executive functions in our organization at all levels must be governed by democratic rules and regulations. The organization and its full resources will have to be dedicated to the cause of liberation alone.

As provided in the OLF constitution, all members have right equal opportunity to participate in a spirit of amity in any discussion to resolve the current problem having grave consequences for the liberation struggle. Even those who have pronounced that our objective has become outdated, our method of struggle outmoded, and that members have no other role in the struggle than obeying commands without question, will have the right to defend their views in a democratic and disciplined manner, including the right to have representation in the Transitional Committee.

This is the time for all members to demonstrate to the world that we are capable of resolving our internal problems and rebuilding a shattered organization democratically and in a spirit of harmony. The efforts and evil wishes of the enemies of the Oromo people to suppress the liberation struggle from outside the movement have been resolutely resisted. Now, they are yearning to challenge it from inside by pitting freedom fighters against each other. There is no doubt that their hope will be dashed. The morale of freedom fighters will be heightened more than ever and the liberation of the Oromo people will be built on the grave of the system of oppression they are suffering. Let us march toward that goal with confidence.

Heretofore, there have been obstacles to the full implementation of the agreement reached by the Union of the Liberation Forces of the Oromia (ULFO). Henceforth, OLF will work diligently to strengthen and implement the agreement. Let us march forward in unison to achieve true liberation and fulfil the aspiration of the Oromo people.

Dear Oromo compatriots,

The experience you have gained from your long and bitter struggle for self-determination and your vigilance to safeguard your right from traitors has prepared you for this crucial and challenging moment. Along the way, you have foiled several conspiracies of those who sought to divide you along lines of region and religion to benefit at your expense. Your enemies have not yet given up. They are working harder than ever in collaboration with a renegade clique among the OLF leadership to keep

you in perpetual servitude. Together they are striving to wear you out and make you lose confidence in yourself to continue the arduous struggle for liberation. They do everything to prevent you from speaking in one voice to persuade the international community that your struggle for freedom deserves international support. Then they turn around and tell you that your struggle does not merit the support of the international community. All this is intended to strain your faith in the justness of your cause. Because you alone are the pillar of your liberation, be prepared to wage a determined struggle to protect the solemn goal of liberation from derailment. Whenever there is a forum in which freedom fighters, elders, intellectuals, community representatives are not fairly represented to freely express their views, be prepared to foil the conspiracy of the organizers of such a forum and forestall any change that undermines the goal of genuine liberation. Be vigilant to humiliate the enemies of your liberation. In order to support vigorous implementation of the agreement of ULFO, confirm to everyone with your deeds that you stand for the solidarity and unity of purpose among Oromo liberation forces.

Finally, the Revival Committee of the OLF renews its vow that the solemn objective of genuine liberation which has thus far been defended by the sacrifices in life of multitudes of Oromo heroes will be energetically protected from subversion by external foes and internal traitors. The Revival Committee, in the name of all freedom fighters and relying on the active support of the Oromo people, reaffirms that this struggle will continue until Oromia is fully liberated.

Victory to the Oromo people!!

RC-OLF

OROMO LIBERATION FRONT
ADDA BILISUMMAA OROMOO

Fulbaana 2001

Furmaata Rakkoo Dhaabaa Ilaalchisee Ibsa KD-ABO

Murna Shanee Gumii maqaa SHG/WHD tiin socho'aa jiruun rakkinni dhaaba keenya ABO keessaa waggoota dheeraaf ture daran hammaachaa dhufee sadarkaa yaadessaa kaayyoo Addichaa fi sirna jaarmayaa isaa gaaga'u waan dhaqqabeef;

Gareen kun yeroo ji'a jahaa keessatti Kora Sabaa (KS) 3ffaa mirkaneessuun dirqama isaa hoggana sirnaatti akka dabarsu murtii GS bara 1999 kennameef, osoo walgahii GS yaamee hin haarayoomsatin ykn murtii biraa osoo hin argatin seeraa ala socho'aa jirachuun osoo beekamuu obsaan KS 3ffaa heeraa fi seera hordofee qophaawa jecha abdii ture waan gufachiiseef;

Haalli heeraa alummaan kun ittifufee caasaa dhaabaan dalagachuu hanqisee qaamotni aanggoo murteessuu qaban, SHG-GS, akkasumas, GS yeroo Heeraan murtaawe keessatti walgahanii ittigaafatama isaanii akka hin raawwatne carraa dhorkatamanii aanggoon miseensota SHG xiqqaa dhaan waan dhuunfatameef;

Dameeleen hoji raawwachiiftuu Dhaabichaa maqaaf namni itti ramadamu illee kan wayyaba isaanii hojiin itti ramadaman namoota xiqqaa maqaa SHG/WHD tiin dhuunfatamee akka geggeeffamu waan ta'eef;

Gartuun kun miseensota gidduutti argamee jajjabeessuu, qabsaawee qabsoofsisuu irra qabsaawota isaa irraa of fageessuu filatuu caalaa amalli kun hogganoota sadarkaa gaditti dabree aadaan dirree qabsoo lagatuu akka gad dhaabbatu gochuu irra amalli yyaan laaltummaa, jireenya qananii reebuu akka dagaagu carraa waan kenneef;

SHG/WHD kun dhuunfaa namoota xiqqoo ta'ee rakkinoota qabsoo keenya
sakaalanii jiraniif furmaata argamsiisuuf carraa argametti dhimma bahuun walgahii KS 3ffaa waltajjii yaadi walqixa carraa qabaatu akka hin taane godhamee tartiiba faallaa Heeraa ta'een waltajii yaadi murna tokkoo itti mirkanaawuu gochuuf qophaawaa akka jiru waan hubatameef;
Gaaffii WBO-ZK kaaseen walqabatee jeequmsa dhaabicha keessatti dhalate akka furmaata argatuu akeeka yaada miseensootni waraanaa, miseensootni dhaabichaa USA fi Canada, akkasumas, Ogeeyyiin Oromoo dhiheessan bakka kennuu didee gareen abbaa irrummaa ufii jabeeffataa jiru hojii diigemayaa waan ittifufeef;

Qabsaawoota falamaa hidhannoo irra jiran rakkina dhiheessiitiin diiguuf bajeta irraa muree, gurmuu tokkummaa WBO fi ummata Oromoo diiguutti bal'inaan waan bobba'eef;

Humnoota olola farra tokkummaa qabsaawotaa fi ummata keenya diiguuf bal'inaan adeemsisaa jiran waliin qunnamtii jabaa lafjala qaban ifa baafamee ummatni keenya diina dhiisee gama rakkina keessatti akka fuulleffatu taasisuuf xalayaaleen dhaaba keessaatti iccitummaan isaanii tikfamuu qabu daandii qunnamtii diinaa tiin wajjiraa ABO irraa argamuun ibsamee "Waltaa" dhaan maxxanfamuun rakkina amma dhaaba keessatti argame harki diinaa keessa jira yaada jedhu caalaatti waan gad-jabeesseef;

Hooggana haalleen olitti ibsameen dhaaba ABO balaatti oofaa jiru hoggana seerawaa dha jedhanii fudhachuun waan hin danda'amnee fi haalli Dhaaba keenya keessa amma jirus haala warraaqsaa tiin wal tohachuu fi wal tiksuu dhaan daandii seeraa fi Heeraatti wal deebsuun waan haalli yeroo nurraa gaafatu ta'uu waan hubaneef;

Nuti, miseensootni GS fi gameeyyii dhaabichaa dirree falmaa fi sanaan ala jirru rakkinoota qaama SHG/WHD tiin uumamee babal'ifamaa jiru furmaata itti gochuuf, yoo sun dadhabames qabsicha balaa caalu irraa dandamachiisuun ittifufsiisuuf qaama Koree Dandamachiistuu (KD) ABO jedhu utubannee jirra.

Haala amma dhalateen walqabatee KD-ABO, rakkina dhalate haasawaan furmaata itti gochuuf haala anjjessuuf wanneen armaan gadii guutamuu qabu jenna:

1. Labsi miseensootaa fi hoogganoota toora galii fi tooftaa qabsichaa, dhimma sirna jaarmayaa, hariiroo alaa, tumsa humnoota siyaasaa Oromoo fi kanneeniin walfakkaatan irraa yaada SHG/WHD adda ta'e waan qabaniif hojii irraa kaafaman, fi labsi dhimma kanaan walqabatee bahe akka ka'u, kunis, ummata bal'aa Oromoof ifatti akka labsamu;

2. Dhiheessiin WBO ZK irraa akka dhaabbatu murtiin dabre haalduree malee ka'ee dhiheessiin akka ittifufu;

3. Galii fi qabeenyi dhaabaa abbaa irrummaa murna tokkoo jabeessuuf akka hin baane hanga KS waamamee hogganni sirnaa ittigaafatama fudhatutti qaama toohatnoo SHG/WHD alaa ta'ee utubamuun akka geggeeffamu;

4. Xalayaan dhimma keessa dhaabaa ilaalu kan "Waltaa" irratti maxxanfamee bahe rakkina amma deemaa jiru keessatti harki diinaa jira shakkii jedhu caalatti waan gad jabeessee qabsaawotaa fi ummata keenyas yaaddoo guddaa keessa seensiseef qama walaba ta'een qoratamee maddi isaa akka beekkamu;

5. Walgahii GS fi kan KS mirkaneessuuf yaadni jiru akka amma jirutti fedha gama tokkoo guutuuf kan akeekame waan ta'eef hafee confaransii warri toora yaadaa tiin adda bahan laman walqixa irmaachiisu bakka garee hin baabsine sadaffaan jirutti geggeeffamu akka waamamu. Kanaaf haala anjessuufis Komishinni tokko kan toohatnoo SHG/WHD ala tahe fi murni lama amma jiru walqixa irraa hirmaatan akka utubamu;

6. Walgahiin godhamu haalaa bakka murna kamiyyuu irratti dhiibbaa hin uumnee akka ta'u;

7.Walgahiin bifa kanaan gaggeeffamu addaan fageenya hanga ammaa mudate dhiphisee furmaata bu'uuraaf KS 3ffaa qopheessuuf haala kan aanjessu akka tahu.

Injifannoo Ummata Oromoof!

KD-ABO

OROMO LIBERATION FRONT
ADDA BILISUMMAA OROMOO

Labsa Adda Bilisummaa Oromoo

Kaayyoo bilisummaa dhugoomsuuf dhaabni keenya, Addi Bilisummaa Oromoo ABO), hirbuu seenee qabsaawoti fi ummati Oromoo ganna kurnootaaf arsaa ulfaataa itti baasan karaa irraa akka hin maqne tiksuun mirgaaf dirqama qabsaawotaa waan ta'eef;

ShG - GS hanga har'aatti ittigaafatama qabatee ture armaan dura yeroo ji'a jahaa keessatti Korri Sabaa (KS) 3ffaaan waamame ittigaafatamni hoggana sirnaatti akka dabru murtii GS bara 1999 kenname osoo GS yaamee hin haarayoomsatin ykn murtii biraa osoo hin argatin seeraa ala socho'aa waan jiruuf;

Dameeleen hoji-raawwachiiftuu Dhaabichaa maqaaf namni itti ramadamu illee kan wayyaba isaanii hojiin itti ramadaman maqaa ShG/WHD tiin namoota xiqqaa dhaan dhuunfatamee geggeeffamaa waan jiruuf;

Haalli heeraa alummaan kun ittifufee caasaa dhaabaan dalagachuu hanqisee qaamotni aanggoo murteessuu qaban, ShG-GS, akkasumas, GS yeroo Heeraan murtaawe keessatti walgahanii ittigaafatama isaanii akka hin raawwatne ganna lamaaf carraa dhorkatamanii dhaabni abbaa-irrummaa miseensota ShG xiqqaa dhaan waan dhuunfatameef;

Murni abbaa irrummaa dhaan dhaaba dhuunfaa ufii godhate kun qabsoon bilisummaa dagatamee ABOn sirna polotikaa impaayera Ethiopia keessa seenee qabsoo polotikaa geggeessuuf mootummaan gabroomfataan haala akka aanjessuuf waamicha "Ajandaa Nagaa" jedhu Guraandhala 3, 2000 labsuu dhaan kaayyoo dharaa marxifatee waan jilbeenfateef;

Kaayyoo karaa irraa maqsuu murni kun hordofuuf murteeffaate ilaalchisee yaada, gaaffii fi qeeqa qabsaawoti dhiheessan ukkaamsee qabsaawota yaada isaa morman maqaa xureessuu, dorsisuu, ittigaafatama irraa hari'uu, gandaan hiruu, hafuura jaallumaa dhabsiisuu, odeeffannoo dhorkachuu, wkf tooftaa godhatee tarkaanfachuu itti fufee akeeka ufiif haala aanjeffatuuf jecha jeeqamni guddaan akka uumamu waan taasiseef;

Kayyoo tarkaanfachiisuuf murannoo fi uf kenniinsaan hojjechuu mannaa heeraa, seeraa fi naamusa cabsuu fi aangootti akka malee dhimma bahuun fakkii hamaa tahuutti dabalee hamlee qabsaawotaa hubuun akka miseensonni qabsoo irraa uf qusatan, bakka gariitti hoogganicha fakkii godhachuun dirqama diduu fi seera kabajuu dhaban hulaa saaquun aadaan ufkenniinsaa fi kakka'iinsa mataa tiin hojjechuu akka dhabamu godhee qabsicha laamshessaa waan jiruuf;

Qabsaawota falmaa hidhannoo irra jiran akeeka ufii mirkaneeffachuuf jecha rakkina dhiheessiitiin diiguuf baajeta irraa muree, gurmuu tokkummaa WBO fi ummata Oromoo diiguutti bal'inaan waan bobba'eef;

Dhimma qabsoo irratti miseensotaa fi hogganoota sadarkaa hundaa odeeffannoo dhorkatee, qabeenya dhaabaa guutuutti dhuunfatee haala ukkaamamaa fi dukkanaa uumee qabsicha yaaddoo guddaa keessa waan galcheef;

Waldhibdeen ilaalcha kaayyoo fi dadhabbiileen dhaabaa tokkummaa qabsawotaa fi hafuura jaallumaan marihatamee furmaata akka argatu murnooti yaadaan wal mormaan walqixa carraa qabaatanii akka hirmaatan walgahiin walaba ta'e bakka gareen sadaffaan gama kamiifuu hin baabsine argamutti akka qophaawu Koree Dandamachiiftuu (KD) ABO yaada dhiheesse shira garee abbaa-irruummaa tiin fudhatama dhabsiisamee walgahii waltajjii yaadi murna tokkoo itti mirkanaawuu gochuuf akka qophaawe waan hubanneef;

Hooggana haalleen olitti ibsamaniin dhaaba ABO fi kaayyoo bilisummaa balaatti oofaa jiru hoggana

seerawaa dha jedhanii fudhachuun waan hin danda'amneef;

Haalli Dhaaba keenya keessa amma jiru haala warraaqsaa tiin wal tohachuu fi wal tiksuu dhaan daandii seeraa fi Heeraatti wal deebisuun waan nurraa gaafatu ta'uu waan hubanneef;

Rakkoo dhalate mariin furuuf akeekni Koreen Dandamachiiftuu ABO utubameef gochaa diigumsaa ShG/WHD tiin akka hawwamettii fiixa bahuu waan hanqateef;

Nuti, bakkabu'ootiin WBO, miseensootni GS fi gameeyyii Dhaabichaa dirree falmaa fi sanaan ala jirru Koree Dandamachiiftuu ABO kan amma dura utubne kaafnee Qaama Cehumsaa Adda Bilisummaa Oromo (QC-ABO) kan bakka ShG/WHD bu'ee akeeka armaan gadii fiixa baasu utubuu keenya labsina.

Rakkinoonni ShG/WHD tiin uumaman furmaata dhugaa argatanii dhaabichi balaa itti agaamame irraa akka tiksamu taasisuuf akeekni qaamni yeroo Cehumsaa kun itti hojoomuu fi ijaarmaan isaa akka armaan gadiitti qindaawa.

I. Akeeka Qaama Cehumsaa ABO:

1. Kaayyoon bilisummaa osoo karaa irraa hin maqsamin Heerri fi Sagantaan ABO tiksamee hojiiraa akka oolu murannoo dhaan qabsaawee qabsoofsisuu;
2. Jeeqama dhaaba keessatti dhalateef furmaata argamsiisuuf haalli tokkummaa qabsaawotaa fi hafuurri jaallummaa dandamatee daandii seeraa fi Heeraatti wal deebisuuf hojjechuu;
3. WBOn dhiibbaa tokko malee walqixa dhiheessii feesisu akka argatu taasisuu;
4. Galii hojii qabsoof maddisiisuu fi baasiin dhaabaa sadoo eenyuuffuu osoo hin qisaasamin hojii qabsoof akka oolu taasisuu;
5. Rakkinnii fi dadhabina dhaabaaf furmaata argamsiisuuf qabsaawotii, maanguddooti, ogeeyyii fi hawaasi Oromoo haala dimokraasawaa dhaan marii fi falmi feesisu akka geggeessan waltajjii yaadi hundi carraa walqixa qabaatu aanjessuu;
6. Rakkinaa fi dadhabina dhaabaaf furmaata maayyii argamsiisuuf Korri Sabaa 3ffaan yeroo gabaaba keessatti akka waamamu, qaami dhiibbaa murna kamiiyyuu irraa walaba ta'e utubamee akka qopheessu taasisuu;
7. Waliigaltee ABOn amma dura dhaabota Oromoo wajjin tokkummaan hojjechuuf godhe akka hojiitti hiikamuuf onneerraa dalaguu dha.

II. Qondaalota Qaama Cehumsaa ABO:

1. Qaamni Cehumsaa ABO qondaalota armaan gadii tiin geggeessama:

i) Dura Taa'aa;
ii) Barreessaa;
iii) Qondaalota shan kanneen matooti Koreelee QC-ABO ta'anii ramadaman.

2. Miseensoti QC-ABO torba akka armaan gadii ti:

i) Bakkabu'aa Koree Dandamachiiftuu (KD) ABO;
ii) Bakkabu'aa ShG/WHD
iii) Miseensota lama kan Bakkabu'aan ShG/WHD fi Bakkabu'aan KD matamataan tokko tokko filatan;
iv) Miseensa tokko kan Bakkabu'aan KD fi Bakkabu'aan ShG/WHD waliigalteen filatan;
v) Miseensota lama kanneen miseensota shanan qabxii kana (i) - (iv) keessatti himamaniin filataman;
vi) ShG/WHD yeroo gahaa keessatti bakkabu'aa ufii filatee miseensota qabxii kana (iii) - (v) keessatti himaman filatuu yoo hanqate KDn marii fi wal
jijjiirrannaa yaadaa miseensota GS, gameeyyii, WBO gidduutti geggeeffamuun filee irroomsa.

3. Miseensotni QC-ABO durateessoo fi barreessaa Qaamichaa uf keessaa filatu.

III. Ittigaafatama QC-ABO:

1. Ittigaafatamni QC-ABO akeeka utubameef hojiin mirkaneessuu dha.
2. Ittigaafatama ufii mirkaneessuuf koreelee labsa kanaan utubaman akka geggeessan qondaalota QC-ABO keessaa durateessoon ramada.

3. QC-ABO akeeka isaa kan hin faalleesine dambii keessaa baafatee ittiin geggeessama.

IV. Koreelee fi Shanee QC-ABO:

1. QC-ABO koreelee fi shanee armaan gadii qabaata:

i) Koree WBO
ii) Koree Qopheessituu Kora Sabaa 3ffaa
iii) Koree Haajaa Alaa
iv) Koree Dhiheessii
v) Koree Beeksisii
vi) Shanee Gorsitootaa

2. Damooleen dhaabaa QC-ABO jalattii dhuunfatamanii qajeelfama faallaa akeeka labsa kanaa hin taaneen geggeefamu.
3. Ittigaafatamni Koreelee fi Shanee qajeelfama QC-ABO tiin murtaawa.

V. Raawwatama Ittigaafatama QC-ABO:

Korri ABO akka labsa kanaa tiin waamamu hoggana ABO filatee yoggaa irroomsu ittigaafatamni QC-ABO raawwata.

VI. Hojiirra Oolmaa Labsa Kanaa:

Koreen Dandamachiiftuu ABO adeemsa hojii hanga yoonaa fi barbaachisummaa tarkaanfii itti aanuu dhiheessee miseensonni furmaataaf KD ABO jalatti hojjetaa turanii fi yaada KD tiin dhihaatutti amananii fudhatuun hojiitti hiikuu irratti waliigalamee akka oliitti ibsametti miseensonni QC-ABO filamanii fi ramadamanii dirqamatti bobba'uuf miseensota torban keessaa shan argamanii gaafa hojii eegalan irraa kaasee labsi kun hojii irra oola.

Injifannoo Ummata Oromoof!

Koree Danadamachiiftuu-ABO

OROMO LIBERATION FRONT
ADDA BILISUMMAA OROMOO

Fulbaana 2001

WALGAHII FARRA DIMOKRASII IRRATTI HIN ARGAMNU

Jeeqamni hedduu yaaddeessaa ta'e dhaaba keenya ABO sardaa jira. Jeeqamni kun furmaata dhugaa dhabee dhaabaa fi qabsoo bilisummaaf balaa akka hin taane hojjechuuf qabsaawoti marti ittiigaafatama qabna. Murni xiqqaan maqaa SG/WHD tiin abbaa irrummaa ufiif hojjechaa jiruu xurree furmaata dhugaa gufachiisuuf dhama'aa jira.

Yeroo ji'a jaha keesatti Korri Sabaa (KS) 3ffaan waamamee ittigaafatami hoggana sirnaattii akkka dabru Gumii Sabaa (GS) murtii 1999 kenneef abboomamuu didee murni xiqqaan aangoo dhuunfate: (1) kaayyoo karaa irraa maqsuu, (2) kaayyoo dharaa tarkaanfachiisuuf garee ufii ijaarrachuu, warraa morman rukutuu eegale. ABOn sirna polotikaa impaayera Ethiopia keessa seenee qabsoo politikaa geggeessa yaada jedhu fudhatee hojii irra oolchuuf mootummaan Ethiopia haala akka aanjessuu waamichi "Ajandaa Nagaa" jedhu Guraandhala 3, 2000 labse. Haala dhalate kana ilaalchisee, fkf, Koree Hojii Alaa (KHA), WBO-Zoonii Kibbaa(ZK), Kutaalee ABO biyya alaa yaada, gaaffii fi qeeqa dhiheessan. Murni kaayyoo dharaa hordofuuf murteeffate qabsaawota morman maqaa xureessuu, dorsisuu, ittigaafatama irraa hari'uu, gandaan hiruu, hafuura jaallumaa dhabsiisuu, odeeffannoo dhorkachuu, wkf tooftaa godhatee tarkaanfachuu itti fufe. Mormii ka'e ukkaamsee haala aanjeffatuutti ganna lama turee kaayyoo dharaa raggaasiffachuuf KS 3ffaa waamuuf qophaawaa jira.

Haala qabatamaa dhaaba keessa jiru irraa akka mul'atutti qabsaawota kaayyoo dharaa fudhachiisuuf abbaa irrummaa dhaan dabni hojjetame jeeqama uume malee hin milkoofne. Jeeqama uumameef

furmaata dhugaa argamsiisuuf abbaan irrummaan murna tokko dhabamuu, Heerrii fi seerri jallate sirrachuu, mirgi dimokrasii qabsaawotaaf eegamu feesisa. Akeeka kanaan walgahiin walaba ta'e maree dhaan akka qophaawu Koree Dandamachiiftuu (KD) ABO yaada dhiheesse. Akka yaada dhihaateetti miseensonni yaada wal mormu qaban wal qixa walgahii irratti hirmatu; wal dhabiisi dhiphatee furmaata maayii tiif hala qophii KS 3ffaa aanjeessuuf marihatu. Gareen sadaffaan gama kamiifuu hin babsine walgahii irratti argamanii hordofu.

Murni abbaa irrummaa ofii tikfachuuf jecha kaayyoo dharaaf hojjetu yaadi KD ABO faalla akeeka isaa waan ta'eef akeeka ufiif tumsa argachuuf tohaannoo ufii jalatti walgahii Fulbaan 20 - 24, 2001 geggeessuuf waameera. Walgahiin kun jeeqama dhaabaaf furmaata dimokraasawaa akka hin argamne gufachiisuuf qophaawe. Warri kaayyoo dhugaa hordofan dhiibbaa malee ejjeta ufii akka hindhiheeffanne godha. Murni walgahii farra dimokrasii fi farra furmaata dhugaa qopheese haala uumamuuf ittigaafatama jalaa bahuu akka hin dandeenye dursinee hubachiissaa, gama keenyaan walgahii kana irraatti hin argamnu, hin hirmannu. Ibsii fi murtiin walgahii kanaan bahuu kan nuun hin ilaalle ta'uu dursine beeksina. Qabsaawotii fi maanguddooti kaayyoo dharaaf wabii isin godhachuuf walgahii waamamtan shira kana fashalsiisuuf qooda keessan akka gummaachitan jabeessinee gaafanna.

INJIFANNOO UMMATA OROMOOf!

Koree Dandamachiiftuu-ABO

OROMO LIBERATION FRONT
ADDA BILISUMMAA OROMOO

18.11.2001

LABSA ADDA BILISUMMAA OROMO

Dhaabni keenya ABOn yeroo dhihoo as jeeqama hamaa keessa senuun beekamaadha. Kaayyoo bilisummaa, tarsimoo qabsoo fi kaayoo jaarmayaa irratti yaadni polotikaa faallaa walii tahe Dhaaba keessatti wal dorgomaa jiraachuun erga hubatamee ubbule.

Hooggana Dhaabichaa keessaa murni xiqqaan qabsoo hidhannoo irraa abdii kutachuun, Dhaabichaa fi ULFO cimsanii waliin diina irratti bobbahuu irratti jabeessanii hojjechuu irra dhiibbaa fi gargaarsa dinagdee biyyoota lixaa irraa kan ka'e sirna polotikaa impaayera Itoophiyaa keessa seenuuf kaayyoo dharaa murteeffatanii "humnoota hundaa wajjin tumsa qabsoo" tolfachuuf warraaquun daran mul'achaa dhufe. Jaallan kaayyoo dhugaa tiksuuf warraaqan Dhaabaa ala gochuu fi miidhuun babal'achaa dhufe.

Korri Sabaa (KS) rakkoo kana mara ni hiika jedhamee hamma yeroo dhihootti abdii dhaan eegamaa kan ture qophiin isaa yaada gam-tokkee akka calaqqisu taasisuuf namoonni kaayyoo irraatti ejjennoon isaanii xurii qabu akka dhuunfatan taasisuun abdin kun osoo hin milkawin waan hafeef jecha, Kaayyoo tiksuuf miseensonni Gumii Sabaa (GS), waraanaa, fi gameeyyiin biyya keessa fi biyya alaa jiran Koree Dandamachiiftuu ABO (KD- ABO) jalatti wal gurmeessanii jeeqama Dhaaba keenya keessaati dhalateef furmaata soquu irratti hojjechaa turuun ni yaadatama. Yaada KD-ABO akka furmaataatti dhiheessee keessaa tokko konfaransiin marii dhaan qophaawee yaadota lameen Dhaaba keenya keessatti wal-dorgomaa jiran irratti yaada luucceffachuuf ture. Qaamni abbaa-irrummaa dhaan aangoo dhuunfate konfaransii kana akka ufii fedhutti qopheeffate. Kanneen yaadaan morman wal-qixa carraa akka hin qabaanne dhorkate. Konfaransiin marii dhaan yaada luuceffachuuf abdatame gama tokkichaan qophaa'ee, yaada gar-tokkoo qofa dhaggeeffatee gargar deeme. KD-ABO osoo abdii hin kutatin furmaata dimokraasawaa argamsiisuuf, tokkummaa dhaaba keenyaa tiksuuf, KS 3ffaa waamuuf haala aanjessuuf Qaama Cehumsa ABO waliin utubuu Kanaafuu, KD-ABO fi qabsaawonni, kaayyoo bilisummaa ABO tiksuuf mirga Heerri ABO kenneef, akkasumas, labsa QC-ABO ittiin utubame irratti hundaa'uu dhaan marii gahaa erga deemsisanii booda miseensotni torba kanneen QC-ABO geggeessa, dubbataa Qaamichaa kan biyya ambaa fi shaneen gorsitootaa filamanii irroomsamanii jiru.

Yeroo cehumsaa kana keessa Heeraa fi seera ABO hojiirraa oolshuuf, maqaa ABO tiin hariiroo akaakuu kamiyyuu geggeessuuf qaamni hojii raawwachiisuuf mirga ol'aanaa qabu QC-ABO ti. . Miseensonni ABO, deggertoonni fi hawaasin Oromoo marti kaayyoon Bilisummaa karaa irraa akka hin

maqne tiksuuf; rakkina fi dadhabina Dhaabaaf furmaata dimookraatawaa argamsissuuf qajeelfama, ibsa fi waamicha QC-ABO hordoftanii kaayyoo dharaa doomsuuf kutannoon hiriiraa! Humnoonni bilisummaa Oromoo tokkummaa keenya jabeeffannee, akka qaama tokkootti hiriirree, ummata keenya hiriirsuuf yeroon amma!

Injifannoo Uummata Oromoof!

QC-ABO

OROMO LIBERATION FRONT
ADDA BILISUMMAA OROMOO

22/01/2002

IBSA TEESSUMA QAAMA CEHUMSAA ABO

Dhaaba keenya ABO keessa rakkooleen duraan barootaaf qabsicha gaadi'an jiraachuun dhugaa hin haalamneedha.Dhibdeeleen jiran kun yeroo adda addaatti sirnaa fi seera Dhaabaatiin furmaata argachuu dhabuun qabsoo bilisummaa fi kaayyoo ganamaa kan ABOn ittiin faarfamu daandii irraa gorsuun ifaa dha. Maddi rakkoolee kanaa irra caalaan hooggana sadarkaa olii irraa yoo tahu, keessattuu bara as aanu kana yeroo qabsoon bilisummaa Oromo finiinaa jiru kana keessatti qabsicha fuuladuratti tarkaanfachiisuu mannaa faalleffama kaayyoo ABO tiif qooda olaanaa kan gumaachaa jiru ShG/WHD tahuun dhokataa miti.

Haala yeroo hin feesifnetti dhaaba keessatti dhalate kana akka gara kufaatii maayyiitti nu geessee wareegama bara dheeraa firii malee hin hambifneef tarkaanfiin sirreessaan fudhatamuun beekamaa dha.Tarkaanfii fudhatamee ummatan deggerame kana fudhatee yaada furmaataa kan akeekameen waa godhuuf ShG/WHD fedhii agarsiise hin qabu.Faalla kanaa hojii diigamsaa kan hammeenyaa daranii afeerutti waan qajeelaniif, kana bira dabree yaaliin furmaata waliin soquu hundi gama jaraatiin waan fashaleef, nuti ammoo qabsoo bilisummaa itti fufsiisuun dirqama seenaa waan ta'eef QC-ABO utubuun keenna niyaadatama.

Waan ta'eef, QC-ABO hojii qabsoo bifa hundaan sochoosuuf teessuma 1ffaa qaama kanaa gaafa 18-21/01/2002 dirree qabsootti godhanne irratti dirqamoota fafardii armaan gadii irratti murtii dabarfanne.

DHIMMA DHAABA KEESSAA IRRATTI:

Furmaatni qaama kana (ShG/WHD) waliin yaalamu hundi waan dhibeef, furmaata akka biraatti barbaaduufis tahe qabsichaa jiraachisnee itti fufuuf dura KDK-ABO itti aansinee ammoo QC-ABO utubuun hojii dandamachiisaa qabsootti fuula deeffanne. Haala adeemsa hojii qabsoo keennaa keessatti jabina fuula hundaan mul'atu qabaannullee, laafinni wayyeeffachuu qabnu jiraachuu gamaaggama gooneen arginee jirra. Waan ta'eef, jabina mul'ate daran cimsachaa, laafinoota argaman ayyeeffachuuf yoomuu akka hojjennu murtii dabarfannee jirra.

Teessuma kana irratti QC-ABO hojii qabsoo keenya karaa hundaan jabeessee itti sochoosuuf karoora baatii jahaa (6) baasee raggasuu bira dabree caasaalee qaama kanaa sadarkaa hundaatti diriirsee qajeelfamas itti baasee jira. Akka kanaa, karaa waraanaa, irree fi gaachana ummata Oromoo kan tahe WBO bifa hundaan gabbisuun hojii qabsoo bilisummaatiif qopheessuu; karaa siyaasaa, ummata Oromoo kan gabrummaa hifatuun qabsoo bilisummaaf qophii jiru kana ijaaruun daandii qabsootti hiriirsuu,gama dinagdeen, ABO jaarmayaa of danda'aa taasisuu, akkasumas, dameeleen hundi akka dirqama isaanii bahan waan danda'ame hundaan marxifachuu keenna ifa tolchine.

Gama biraatiin Seeraa fi Heerri dhaabaa kabajamuu dhabuun rakkooleen dhaabdi teenna ittiin dhifame keessaa isa duraati. Heeraa fi Seerri ABO hojiin dhugoomaa ture utuu tahee, hojiin qabsoo hagana hin takaalamu ture. Waan ta' eef, Heeraa fi Seera dhaaba keennaa kabajinee kabachiisuuf yoomuu caalaa akka hojjannu mirkaneessuu feena.

MOOTUMMAA WAYYAANEE ILAALCHISEE:

Sirna impaayera Itoophiyaa fi tiksitoota sirna bututaa kanaa mootummaa wayyaanee TPLF/EPRDF fi jala kaattota isaaniitiin ummata Oromootii fi saboota cunqurfamoo impaayericha keessatti argaman hunda irratti gochaan faashistummaa kan raawwatamu itti fufee jira. Ilmaan Oromoo fi ilmaan saboota cunqurfamoo kanaa har'allee manni hidhaa mana isaanii dhaabbattaa tahuu itti fufee jira.Ajjeefamuun, saamamuun, reebamuunii fi biyya ari'amuun jireenya ummata keenyaa kan guyya guyyaa ti. Mootummaan abbaa irree kun dhiba of keessatti qabu xaxaa ofii osoo hin fixatin, dhiba isa keessaaf abbaa kan biroo yeroo itti soquudhaaf maqaa dhaabota mormitootaan barbaada jedhuun olloota Oromiyaa fi Gaanfa Afrikaa bakka garaagaraatti akka saree maraattee fiigee murna shororkeessaa bobbaasuun yeroo inni nagaa booressuu argina. Gooli uumtotaa fi shororkeessitooti adii tahanii utuu jiranii maqaa shororkeessitoota barbaaduutiin lafa (biyya) akka Somaaliyaa nagaa isii booressaa jiru. Hundeedhaan gochaa shororkeessitootaa sadarkaa kamittuu balaaleffataa, duras dhaabbataa, mootummaa farra dimokrasii fi farra dhala namaa kana hawaasni addunyaa fi mootumootni addunyaa akka balfanii fi gochaa isaa kana dura dhaabbatan jechaa, akeeka seera addunyaa kan tahe mirga hiree murteeffannaa ummatootaa dhugoomsuu isaatiif qooda gama isaanii akka gummachan gaafanna.

Gochaa faashistummaa fi abbaa irrummaa wayyaanee kana iggituuf imaammata Adda Bilisummaa Oromoo(ABO) kan qabsoo siyaasaatii fi hidhannoo wal faana tarkaanfachiisuun, kaayyoo,Heeraa fi Sagantaa Siyaasaa ABO irraa osoo hin maqin, bilisummaa Oromiyaa dhugoomsuuf murannoo gahaan warraaquuf QC-ABO irra deebi'ee waadaa isaa haaromsa.Kanuma waliin yaalii furmaata karaa nagaatiin qabsoo hidhannoo laamshessuuf osoo mirga ummata keennaa guutuutti hin kabachiisin mootummaa Itoophiyaatti araaramuuf godhamu ni balaaleffanna.

GOCHAA SHANEE GUMII /WAAJJIRA HAYYUU DUREE:

Wal dhabbii ilaalchaa kan dhaaba keenna ABO keessatti dhalateen ABOn raafamaa jiraachuun ifaa dha.Rakkoo kana waltajjii sirnaatti dhiheessee furmaata sirrii itti tolchuun gaafatama qaama ol'aanaa dhaabaa ti. Kana gochuu hanqachuun yaadota furmaataa hunda gatii dhorkuun, rakkinoota jiranis daran hammeessuuf waan seenaa qabsoo keessatti argamee hin beeknee fi yakka hiriyaa hin qabne,kan maallaqaan nama bituu, gosaa fi balbalaan qabsaawotaa fi ummataa Oromoo addaan qoodee wal irratti duulchisuu hojii diinaan garaagarummaa hin qabne hojjetaa jiraachuun ShG/WHD iccitii dirree jirtuu dha. Kana qofaa osoo hin tahin naannoo waraanni bilisummaa Oromoo gaaffii kaasetti argamuun ilmaan Oromoo tan hadhaa qabsoo baroota dheeraaf waliin dhandhamataa, diina waliin kufanii kuffisaa turan addaan qoodanii dhiiga isaanii walitti dhangalaasanii lafee isaanii waliin cabsuuf walitti duulchisaa jira.Gochaa farrummaa kan warri kun raawwataa jiran kana balaaleffachaa akka dalagaa badaa kana irraa deebi'an akeekkachiifna. Hojii diigaa isaan itti jiran kanaan waan dhalatuuf itti gaafatamni kan ShG/WHD tahuu dursinee hubachiifna.

TOKKUMMAA HUMNOOTA QABSOO BILISUMMAA OROMOO:

Tokkummaan ummataa Oromoo tii fi tokkummaan dhaabota Oromoo kanneen bilisummaa Oromiyaatiif qabsaawanii injifannoo waaraa diinota keenna irratti galmeessuuf murteessummaa qaba. Waan ta'eef, gochaa tokkumma ummata Oromoo diigu hunda dura dhaabbachuun ni balaaleffanna. Tokkummaa ummata keennaa daran jabeessuuf ciminaan qabsoofna.

Akkuma kana dhaabota Oromoo kanneen bilisummaa biyya teennaaf qabsaawaniif akeeka THBO bakkaan gahuuf rakkoolee armaan dura agoobara kana laaffisan hunda irra aanuun qaamicha cimsuuf onnee irraa hojjenna.

HARIIROO DHAABOTA SABOOTA CUNQURFAMOO WALIIN:

Akkuma ummata Oromoo sabooti biroo kan gabrummaa jalatti kufanii fi hireen keenna wal fakkaatu ni jiru. Dhaaboti sirna impaayerichaa diiguun ummata isaanii bilisoomsuuf qabsootti jiran hedduu dha. Dhaabota kana waliin waliigaltee waliin hojjechuu kan armaan dura godhanne irra deebinee jabeeffachuun diina keenna waliin kuffisnee hiree murteeffannaa ummata keennaa dhugoomsuuf jabaannee waliin qabsaawuuf murteeffanne.

YAAMINSA QABSAAWOTAAF:

Qabsoon bilisummaa sabaa tan wareegama jaallan qaqqalii isinuu yaadattaniin, akkasumas, aarsaa

ummata keennaatiin as gahe gatii dhabuuf tahuu callisanii ilaaluun hagam akka ulfaatu ni eektan.Haala kana hubachuun sirreessaa qabsoo kanaatiif tarkaanfii fudhatame keessaa sadarkaa hundaattuu qooda keessan kan gumaachitaniif galata qabsoo isiniif galchaa, ammas akka jabaattanii hojjettan isin qaabsifna. Gama birootiin jaallan sirreessaa qabsootiif tarkaanfii fudhatame kana akka hamaatti fudhattan ykn hubachiifamtan, haala kana irra deebitanii hubchuun qajeelfama qabsoo keennaatiif qooda seenaan isin gaafatu akka laattan waamicha jaallummaa isiniif dhiheessina.

YAAMINSA UMMATA OROMOOTIIF:

Haala aanjawaa qabsoof jirutti dhimma baanee injifannoo wal dhageessisuu mannaa mormii keessa keennaatiin wal dura dhaabbannee odeessa hamtuu gurratti hin tolleen qalbii wal cabsuuf gadda malee boonni kan nutti hin dhagahamne tauu fi haala qabatamaa dhaaba keenya keessa turee fi amma ammoo daran hammaachaa deemuun barbaachisummaa jijjiirraa fi wayyoominaa dirqii taasisuu irraa kan mudate ta'uu ibsina.Nuti irbuu kaleessa saba keennaaf seenne utuu hin dagatin daandii ilmaan sabichaa qabatanii irratti wareegaman irraa kan hin maqne, mirga namummaa fi abbaa biyyummaa kan uumaan qabduu fi ilma namaan mulqamte deebifnee si gonfachiisuuf gonkumaa of duuba hin mil'annu. Falmaa deemaa jiru keessatti daandii dharaa fi haqaa, sosso'iinsa hordofuun adda baafadhu.Karaa dharaa fi diigamsaa kan murni faallaa QC-ABO hordofu dura dhaabbachuun hoongeessi.Ilmaan kee kanneen dheerina haadhaa qabsoo, akkasumas olaantummaa humna nyaaphaa kan yeroof osoo hin jilbeenfannee qabsaawan dhaabbii hin daddaaqneen bira dhaabbadhu. Wareegama hanga yoonaa waliin baasnetti ija gochuuf (bu'aa argamsiisuuf) ilmaan kee kan of duuba hin deebine ta'uu waadaa keenna haaromsuun mirkaneessina.

WAL DHABBII ABO KEESSAA MARIIN FURUU ILAALCHISEE:

Jaarmayoota Oromoo,maanguddootaa fi hayyoota hawaasa keenyaa kanneen jeequmsa dhaaba teenna keessatti mul'ateef rifattanii wal dhabbichi utuu qabsoo keenyatti gufuu hin taane karaa nagaa fi araaraan akka furamuuf yaalii gootan, ittis jirtaniif galata qabsoo dhiheessina.Ilmaan keessan wal afaan deebi'uu lakkisanii diina irratti akka qabsaawan hawwiin keessan akka dhugoomuuf qooda nurraa eegamu kennuuf qophii tahuu mirkaneessina. Kanuma waliin kan nuti furmaata jennee fudhannuu fi wal dhabbii jeequmsaaf sababa tahe haqee cimina qabsoo bilisummaa keenyaa fi mirga saba keenyaaf gumaachu duwwaa ta'uu miseensotaa fi deggertoota keenyaaf ibsina.

Injifannoo Ummata Oromoof!

Qaama Cehumsa ABO

OROMO LIBERATION FRONT
ADDA BILISUMMAA OROMOO

PRESS RELEASE
7th May 2004

To Condemn Acts of Genocide Intensified Against the Oromo People

The Ethiopian regime led by the Tigray People's Liberation Front/TPLF/ has, since the last few months, intensified its acts of genocide against the Oromo people. The heinous crime has now engulfed every aspect of our society. Individual Oromos are subjected to physical destruction by government forces, by starvation, and by killer diseases such as AIDS pandemic and malaria. Crime against the Oromo social and cultural life has targeted Oromo scholars, students, and Oromo institutions such as Macha and Tulama Self-help Association. Oromo political Organizations are criminalized and demonised by fabrications and false accusations. The Oromo people are submerged in abject poverty without any control over our economic life.

The TPLF launched its most recent atrocity by forcibly and illegally evicting the Oromos from Finfinne/Addis Ababa/, the capital of Oromia. Subsequently, the regime unleashed war of terror on the Oromo people - including even on school children - to suppress protest against eviction of Oromos

from their homeland. What is more, the security forces of the regime are attempting to silence the Oromo people by bombing school children and university students. To mention some but a few, the security forces of the regime wounded a dozen school children in Ambo and Bushoftu towns by hand grenades whilst pupils were attending classes on 19th and 22nd March 2004 consecutively. In another incident, the TPLF blasted a bomb in Finfinne/Addis Ababa/ University and wounded 10 students, of which one died on the 29th March 2004.

Fabrications of false accusations have become the trade-mark of the TPLF led Ethiopian regime. The terrorist state is shamelessly accusing the Oromo Liberation Front/OLF/ for the above atrocities to cover up their own acts of genocide against the Oromo people. The regime is incapable of finding a constructive solution for the conflict between itself and the people under its domination.

Through orchestrated acts of provocation and terror, the regime has completely disrupted the education of the Oromo people. To date, the regime has unlawfully dismissed 400 University-student. Nearly 7000 school children and teachers are languishing in prison in the Oromo towns of Ambo, Fiche, Assala, Aqaaqii, Dambi-Dolo and Gimbi for no crime other than being Oromo. Recently, 700 Oromo school children fled to Kenya. To add insult to injury, the regime fabricated that the OLF lured them by a false promise of scholarship to USA and Canada.

We warn the TPLF that it is directly responsible for the crime of genocide being committed against the Oromo people by the TPLF itself and its surrogates. We appeal to the international community: 1/to unequivocally condemn this latest wave of acts of genocide unleashed on our people by the TPLF regime of Ethiopia, and 2/ to support the Oromo people to exercise our right to defend our nation from destruction by alien aggressors.

Victory to the Oromo People!

Oromo Liberation Front Transitional Authority

OROMO LIBERATION FRONT
ADDA BILISUMMAA OROMOO

June 24, 2004

The Honorable President George Bush

The White House

Washington, D.C. 20504

Mr. President:

We are writing to ask you to intervene to stop acts of genocide being committed against the Oromo people by the current regime of Prime Minister Meles Zenawi of Ethiopia. We have attached a brochure that provides background information regarding the grave situation.

To forcibly deny the Oromo people's right of self-determination, successive Ethiopian regimes have subjected the Oromo people to genocide by direct violent means of physical destruction and by deliberately inflicting on them conditions of life calculated to bring about destruction by killer diseases, abject poverty, and environmental degradation.

The current Ethiopian regime has intensified acts of genocide against all segments of the Oromo society. Since January 4, 2004 when an Oromo civil society tried to hold a peaceful demonstration to protest the abrogation of the right of the Oromo people to have Finfinne (Addis Ababa) as the capital city of Oromia, the regime has unleashed war of terror on the Oromo people – including even on school children – to suppress the protest. Persecution of educated Oromos and Oromo civil societies has been intensified. Oromo political Organizations are criminalized and demonized by fabrications and false accusations as a smoke screen to conceal the regime's acts of genocide against Oromo people's social and cultural life. The attempt by the current Ethiopian regime to link the Oromo Liberation Front (OLF) with fundamentalism and international terrorism is another typical fabrication to stigmatize and destroy the main political force leading the Oromo people's legitimate demand for self-determination.

The Oromo people are victims of genocide by attrition. With a belief that you are firmly committed to the enforcement of the international duty of prevention of genocide, we appeal to you to:

- intervene to immediately stop the acts of genocide against the Oromo people;
- initiate UN special investigation of the crime of genocide being committed against the people;
- intervene to stop forcible denial of the Oromo people's right of self-determination;
- sponsor a peacemaking initiative under the auspices of the UN to study and recommend mechanisms for terminating subjugation of the people;
- support the release of Oromo political prisoners;
- instruct your Administration to refrain from aiding and abetting the TPLF regime's plunder and destruction of the natural resources of Oromia;
- instruct your Administration to provide the Oromo people assistance to develop their human resources and democratic institutions;
- support attaching, in any international assistance to the regime, conditionality of respect for human rights and fair allocation.

We thank you, Mr. President, for your compassionate consideration of our appeal to you to intervene to stop the genocide being committed against the Oromo people by the Ethiopian regime of Prime Minister Meles Zenawi and to promote their right to political, economic and cultural well-being.

Sincerely,

OLF Transitional Authority

NB: Similar letters have been sent to Mr Kofi Anaan, Secretay General, UN, and permanent members of the UN Security Council including Britain, China, France and Russia as well as the governments of South Africa, Kenya, Sudan, Eritrea and Djibouti.

OROMO LIBERATION FRONT
ADDA BILISUMMAA OROMOO

Press Release
27th May 2004

The Primary Objective of the Oromo Liberation Front is Liberation of Oromia

The fundamental objective of the Oromo Liberation Front (OLF) is to struggle to restore the sovereignty taken away by conquest from the Oromo people and to enable the people to freely exercise any of the options inherent in their right of self-determination, including declaration of an independent Oromia. This objective has been enshrined in the OLF political programme since its inception 30 years ago.

It is to achieve this sacred objective that hundreds of thousands of Oromo sons and daughters laid down their precious lives while others suffered incalculable atrocities by successive Ethiopian regimes. All sectors of the Oromo people have demonstrated unequivocal commitment to the objective of national liberation by their active involvement in the struggle.

In the recent past we have noticed that there are those who suggest that the OLF has abandoned its original objective. Furthermore, it has been quoted in the media that an official of the Shanee Gumii has explicitly stated that the OLF has abandoned its objective of "secession" from Ethiopia. First of all, we unequivocally reject the characterization of the Oromo people's demand for self-determination as a question of "secession". The people are not demanding to secede from their motherland.

Our people are culturally and linguistically distinct and territorially separate from the Abyssinians who dominate them. Secondly, we strongly reject the tactical manoeuvre to define the nature of the Oromo national liberation simply within the frame of democratisation of Ethiopia. It must be made clear to both friends and enemies that the Oromo people are struggling to be liberated from foreign domination and to freely determine our political destiny. To equivocate and compromise on these central issues clearly contravenes the constitution and the programme of the OLF.

We would like to reaffirm that the OLF is fully committed to its original objective of leading the Oromo people's struggle for genuine liberation of Oromia. We call upon OLF members, supporters and our people to reject capitulation and to continue the struggle for total liberation of the Oromo people from all forms of domination.

Victory to the Oromo People!
Oromo Liberation Front Transitional Authority

OROMO LIBERATION FRONT
ADDA BILISUMMAA OROMOO

Press release
28th June 2004

Alliance with Genocidal Regime is a Monumental Error for Kenya

We are seriously disturbed by the recent joint Ethiopian and Kenyan military operations that basically targeted the Oromo people on both sides of the border. We strongly protest that the Kenyan government chose to collaborate with the Ethiopian regime's program of genocide against the Oromo people.

The Ethiopian army has been making frequent incursions into Kenya to loot, kill and burn down villages of the Oromo people of northern Kenya. The main objective of the Ethiopian regime is to extend across the international borders its program of genocide against the Oromo

people. The method devised by the regime to execute its criminal objective in northern Kenya is to disrupt peaceful economic and social ties among Oromos inhabiting both sides of the border. In order to complete its encirclement of the Oromos for a maximum destruction, the Ethiopian regime led by the Tigrean People's Liberation Front (TPLF) is engaged in similar incursions into Somalia and the Sudan.

The government of Kenya owes its citizens the responsibility to protect the people of northern Kenya from the Ethiopian aggression. The Kenyan government has also an international duty and moral obligation to, at least, refrain from aiding and abetting acts of genocide by the Ethiopian regime against the Oromo people. We consider it a monumental error of judgement on the part of the Kenyan government to attempt to appease the Ethiopian regime that has a criminal intention of "flushing out" every Oromo in northern Kenya. The Kenyan government will not achieve peace across the border by a policy of aiding and abetting genocide against the Oromo people. Lesson from history clearly indicates that appeasement of Hitler did not work and so will be appeasing Zenawi of Ethiopia.

Kenya must know that the Zenawi regime of Ethiopia can only survive through bloodshed and crime against humanity. Such survival does not last long, while a friendly relation between the Kenyan and Oromo peoples lasts forever.

We ask the government of Kenya to reconsider its decision in favour of upholding its international responsibility to prevent genocide and to promote peace and stability in our region.

Victory to the Oromo People!

OLF Transitional Authority

OROMO LIBERATION FRONT
ADDA BILISUMMAA OROMOO

Adoolessa 2004

Waldhabdee ABO keessaa Furuuf Qoodni Shanacha Jaarsummaa akka Milkaawu QC-ABO Ittifufa

Waldhabdeen ABO keessaa furmaata akka argatu qooda jaarsummaa gumaachuuf Shanachi Jaarsummaa gurmaawanii fedha isaanii Mudde (Dec) 2001 Qama Cehumsaa (QC) ABO beeksisan. Ji'uma sana keessa Dura Taa'aan QC-ABO xalayaa katabeen "madda rakkoo jeequmsa ABO keessaa" ibsee dhimma araaraa akka hordofu bakkabu'aa QC-ABO ramadee Shanacha beeksise.

Bakkabu'aan QC-ABO xalayaa Mudde (Dec) 2001 Shanachaaf erge keessatti akaakuun waldhabdee ABO keessaa waldhabdee ejjeta kaayyoo waan ta'eef furmaata dimokraasawaa akka argatu miseensoti ABO, maanguddotii fi ummati Oromoo hiree akka qaban Shanacha Jaarsummaaf ibse.

Shanachi Ebla 2002 jila tokko Asmaraatti ergee Shanee waliin dubbatee erga deebi'ee booda QC-ABO waliin 06/01/02 wal argee dubbachuuf gaafate. Bakkabu'aan QC-ABO walgahii Shanachi Washington (DC)-tti qopheesse irratti argamee akaakuun rakkina ABO keessatti dhalate waldhabdee kaayyoo bilisummaa ti malee waldhabdee dhimma dhuunfaa namoota tokko tokkoo akka hin taane hubachiisuuf ragaa qabatamaa ofuma isaaniif akka ilaalan Shanachaaf dhiheesse. Waldhabdeen kaayyoo furmaata dimokraasawaa akka argatu warra gaafatan Shaneen abbaa irrummaa dhaan waan ukkaamseef,

waldhabdeen kaayyoo furmaata dimokraasawaan akka argatu haala aanjessuuf miseensoti ABO wal gurmeessanii QC-ABO akka utuban Shanachaaf ibsame.

Shanachi QC-ABO fi Shanee waliin erga dubbatee booda yaada araaraa qopheesse ilaalchisee QC-ABOf ibsa kennuuf walgahii Fulbaana (Sept) 29, 2002 Washington (DC)-tti qopheessee waame. Walgahii kana irratti bakkabu'aan QC-ABO argamee yaada araaraa dhihate irraa akka hubatetti waldhabdeen ABO keessaa akka waldhabdee kaayyootti hin ilaalamne. Kanaaf, hundeen waldhabdee sirriitti osoo hin ilaalamin furmaata dhugaa argamsiisuun rakkisaa akka ta'e bakkabu'aan QC-ABO walagahii Shanachaa irratti erga ibsee booda QC-ABO marihatee deebii isaa katabbii dhaan akka kennu waliigalame.

QC-ABO yaada araaraa dhihaate irratti marihatee qabxii hundaaf deebii qopheesse Sadaasa (Nov) 22, 2002 Shanachaaf erge. Ijoon deebii QC-ABO: 1/ hundeen waldhabdee kaayyoo karaa irraa maquu waan ta'eef qabsaawoti sadarkaa gadii irraa hanga Kora Sabaatti marihatanii furmaata dimokraasawaa argamsiisuuf mirga qabu; 2/ waldhabdeen kaayyoo hanga furmaata maayii argatutti dhiibbaa hin feesisne walirratti godhuun akka hin jiraanne qaama ABO geggeessu waliigaltee dhaan argamsiisuuf QC-ABO marihachuuf qophaawaa dha; 3/ Warra waldhabdee qabaniif Shanachi seera hin baasu; kaayyoo jalqaba walitti isaan fide wal hubachiisanii, waldhabdee isaanii furuuf seera ittiin wal bulshan waliigaltee dhaan hojiirra akka oolshatan jaarsi gidduu seenee haala aanjessuu dhaan araara buusa.

Deebii QC-ABO Shanachaaf kenne xinxala mirga hiree murteffannoo ummata Oromoo fi xinxala kaayyoo jaarmaa irratti hundaawe. Hundee deebii QC-ABO kana lamaan miseensota, sabboonotaa fi hawaasa Oromoo hubachiisuun barbaachisaa waan ta'eef mataduree 1/ Mirga Hiree Murteeffannoo Ummata Oromoo, 2/ Dimokrasii Jaarmaa Bilisummaa kan jedhu barnooti qophaawee kennamee jira.

Shanachi kopha kophaatti gamlamaan irraa dhagahuu malee walitti fidee hin marihachiisne. Yaada araaraaf Shaneen deebii maal akka kenne Shanachi QC-ABO hin beeksisne. Ha t'au malee haalli araaraa akka hin jiraanne QC-ABO dhabamsiisuuf duulli addaddaa finiinaa akka ture ni beekama. Yaada araaraa akka jirutti fudhadhe jedhee Onkoloolessa (Oct) 7, 2003 Shanacha erga beeksisee jilli Shanachaa dhuma Sadaasa (Nov) 2003 Asmaraa dhaqee Shanee waliin marihatee akka deebi'es ni beekama.

Shaneen yaada araaraa Shanachi dhiheesse fudhachuun akkuma dhagahameen QC-ABO dhaamsa miseensotaaf Sadaasa 2003 erge keessatti miseensoti ABO kaayyoo ilaalchisee addaddummaan isaan gidduu yoo jiraatellee wal amansisuuf waliin dubbachuu akka danda'amu wal amantee hanga har'aatti qal'ataa dhufe bayyaannachiisuuf akka hojjetan qajeelfamni kenname.

Shaneen yaada araaraa Fulbaana 2002 ergameef akka jirutti fudhadhe waan jedheef QC-ABO waan lama akka isa beeksisu Shanachi xalayaa Onkoloolessa (Oct) 2003 QC-ABOf katabe. Wanti gaafataman lamaanis: 1/ QC-ABO yaada isaa Sadaasa (Nov) 2002 kenne ammallee hin jijjirre yoo ta'e, 2/ ilaalcha haaraa (new perspective) Shanachi dhiheesse QC-ABO ni fudhata yoo ta'e nu beeksisaa jedha. QC-ABO yaada waggaa tokko dura katabbii dhaan kenne dhimma yaada araraa keessatti himaman hunda kan hammatuu fi kan hin jijjiramne akka ta'e bakkabu'aan QC-ABO qunnamtii qaamaa fi silkii tiin Shanachaaf ibsee yaada haaraa ka'an irratti QC-ABO marihatee deebii kennuuf yeroo gahaa akka barbaachisu hubachiise. Akkasumas, dhaamsa waggaa haaraa 2004 keessatti QC-ABO ejjeta isaa akka hin jijjiirne akkas jedhamee ibsame:

> Kaayyoo fi tarsiimoo qabsoo ilaalchisee waldhabdeen ABO keessatti dhalate furmaata nagaa akka hin argannee warri morman dhiheenya kana yaada jijjiirranne jedhaniiru. Kaayyoon akka hin tiksamne wanti danqu furmaata hin jedhamu. Kaayyoon bilisumma karaa irraa akka hin maqne furmaata nagaa argamsiisuuf QC-ABOn fedha guutuu akka qabu waggaa tokko dura Shanacha Jaarsummaa beeksisee jira. Ammas ejjeta kana irraa hin maqne.

Bakkabu'aan QC-ABO gaaffii-fi-deebii raadiyoo dhaan Bitootessa (March) 2003 godhe keessatti waa'ee yaada araaraa gaafatamee ejjeta QC-ABO ibseera.

Xalayaa Shanachi Onkoloolessa (Oct) 2003 katabeef QC-ABO Bitootessa (March) 2004 deebii katabbii dhaan kennee jira. Ijoon deebii kanaa akka armaan gadii ti:

> a/ Yaada araaraa Shanachi Jaarsummaa dhiheesse, akkuma deebii QC-ABO armaan dura kenname keessatti ibsame, maree dhaan gabbatee waldhabdee ABO keessaa furuu ni danda'a. Hundeen waldhabdee qoratamee waligaltee dhaan furmaata argamsiisuuf gamlamaan yaada araaraa irratti akka marihatan taasisuun ittigaafatama Shanachaa ti.
>
> b/ Hoggana tokko jalatti kaayyoo bilisummaa tiksuuf haalli shakkisiisu jira jedhamee waldhabdeen bakka jirutti, hanga hogganni haaraan filatamutti kaayyoon akkamitti tiksamuu akka danda'u ilaa-fi-ilaamee dhaan marihachuuf QC-ABO qophaawaa dha.
>
> c/ Ilaalcha haaraa (new perspective) jedhee kan Shanachi dhiheesse QC-ABO xinxalee jaarsummaan milkaawee furmaata dhugaa akka argamsiisu QC-ABO qooda isaa gumaachuuf fedha guutuu fi ilaalcha qajeelaa akka qabu Shanachaaf ibse.
>
> d/ Waldhabdeen ABO keessaa furmaata dimokraasawaa akka argatu haala aanjessuuf miseensotaan kan utubame waan ta'eef, QC-ABO yaadni araaraa Shanacha Jaarsummaa tiin dhihaate miseensotaa wajjin marihatamee murtaawa. Kanaaf, qabsaawotaaf ibsa kennuu fi gaaffii qaban deebisuufis walgahii bakkabu'oota miseensotaaf Minneapolis-tti Caamsaa (April) 17 fi 18, 2004 qophaawe irratti akka ibsa kennu QC-ABO Shanachaaf waamicha godhe.

Shanachi walgahii Caamsaa (April) 17,2004 QC-ABO Minneapolis-tti qopheesse irratti argamuu hin dandeenye. Ha ta'u malee Bu'uura Walgahii Hatattamaa QC-ABO Caamsa 17 fi 18, 2004 magaalaa Minneapolis (MN) keessatti geggeessame keessaa tokkoo waa'ee jaarsummaa ture. Bakkabu'aan QC-ABO walgahii kana irratti argamee hojii Shanacha Jaarsummaa waliin hojjetame ilaalchisee ibsa bal'aa kenne. Ibsa kenname walgahiin dhaggeeffatee bal'inaan irratti marihate. Shaneen warra kaayyoon akka karaa irraa hin maqne falman abbaa irrummaa dhaan ukkamsuun hundee waldhabdee akka ta'e hubachiisuuf QC-ABO ragaa qabatamaa Shanachaaf akka dhiheesse walgahiin hubate. Abbaa irrummaa dhaan kaayyoon karaa irraa akka hin maqine akkamitti akka tiksamu yaada araaraa keessatti furmaati dhihaate akka hin jirre; akkasumas, QC-ABO yaada araarraa irratti marihate waggaa tokko dura Shanachaaf deebii guutuu akka kenne walgahiin beekee jira. Dhugaan jiru maal akka ta'e osoo beekamu akka waan QC-ABO dhimma jaarsumaa boodatti harkise fakkeessamee ololli oofamaa ture sirrii akka hin taane walgahiin waliigale. Shanachi karaa fagoo Asmaraatti si'a lama akka marmaare osoo beekamuu, walgahii bakka dhihoo Minneapolis-tti qophaawe irratti argamuuf qindeeffachuu dadhabuun walgahii gaddisiiseera. Ha ta'uyyuu malee, hundeen waldhabdhe looga malee qoratamee

furmaata nagaa kan kaayyoo bilisummaa ummata Oromoo fi tokkummaa ABO tiksu argamsiisuuf QC-ABO obsaan akka itti fufu walgahiin yaada deggersaa murteeffatte.

Akeekni QC-ABO ganamaa jalqabee waldhabdee dhaabaaf furmaata dimokraasawaa argamsiisuu dha. Akeeka kana keessatti qodni Shanacha Jaarsummaa akka milkaawu taasisuuf QC-ABO ittifufa.

Injifannoo Ummata Oromoof!

Qaama Chehumsa-ABO

OROMO LIBERATION FRONT
ADDA BILISUMMAA OROMOO

Press Release
6Th October 2004

Determined to obliterate our organisation thereby paving the way for surrender, certain individuals and their supporters have continued their illegal activities in the name of the Oromo Liberation front (OLF) and the Oromo nation. They are spearheaded, as usual, by the illegitimate "Shanee Gumii" under the total domination of foreign forces.

We are closely monitoring their latest assault on the cause and survival of the Oromo nation as well as their feeble attempts at trading our people into slavery from the city of Bergen, Norway. Needless to say, their resolution is not worth the paper it is written on. Nothing is new about this group or their intentions. This is the same group that gave us "Agenda for Peace" – a recipe for capitulation. After vehemently denying their intention for the last four years, they have now gathered enough courage to go public with it.

The so called meeting held in Bergen, Norway from September 27, 2004 to October 1, 2004 had no representation of a cross section of the Oromo society or political leaders. Participants were hand picked "Shanee Gumii" loyalists. This fringe meeting was rather orchestrated as a precondition for revival of their plan for surrender. They have no grounds to claim to be representatives of the Oromo people and their views bear no relevance to the OLF.

The declaration issued by the participants under the guise of "statement of the conference on conflict resolution in the Horn of Africa, October 1, 2004, Bergen, Norway", clearly contravenes the OLF political programme and its rules and regulations. It is an offence against the Oromo people and national interest of Oromia. "Shane Gumii" and individuals involved in designing of this gross violation of the Oromo people's natural rights of determining their future will be held fully responsible for their crimes.

We, on our part, would like to reaffirm our total commitment to the objectives and principles of the OLF as enshrined in its political programme. We are prepared to pay the necessary sacrifice to defend our just cause. The OLF Transitional Authority, once again, calls upon OLF members and supporters and the Oromo people to stand up and defend our patriotic organisation.

We will have more to say as to what needs to be done to rescue our cause from these individuals as necessary in the future.

Oromia shall be free!!

OROMO LIBERATION FRONT
ADDA BILISUMMAA OROMOO

IBSA ADDA BILISUMMAA OROMOO

Onkoloolessa 26, 2004

Qaamn Cehumsa Adda Bilisummaa Oromoo dhimmota yeroo ammaa qabsaawotaa fi ummata keenyatti gaaffii fi yaaddoo itti bulchan kanneen armaa gadii irratti ibsa kenna.

1. WAA"EE WALGAHII BERGEN, NORWAY

Walgahiin kun firaa fi diinaafis dhugaa jiru adda baaseera. "Bolola aangoof malee adda addummaan kaayyoo fi tooftaa qabsoo irratti nu gidduu jiraatee miti" kan jedhan hangamuu haguugan kunoo ifa bahaa jira. Dhaabbiin miseensotaa fi fedhiin ummata keenyaa kan isaaniin adda tahuu waan beekaniif, murni Shanee Gumii kophaa harka raasaa galuun gatii isaanii waan xinneessuuf, sana caalaas balaaleffannaa gochaa isaanii kana irraa kan ka'e isaan kan mudatu of irraa xineessuu fi danda'amu jaleelee of jala hiriirsanii harka kennan horachuuf duula geggeessanii dha. Kan qopheesse alagaa tahuun haa himamu malee kanneen daboo kadhatanii maqaa furmaata karaa nagaatiin diinatti harka kennuun sirrii tahuu lallabsiifatan warruma maqaa ABOtiin walgahicha irraa hirmaatanii dha. Ayyaanlaallattummaa fi sodaan waan hin lakisiniif fedhii isaanii orma keessaan dubbachuu barbaadan. Oromoon kan nu jennu caalaa, kan beektonni Faranjii dubbatan dhugeeffata jedhanii abdatuun isaanis ni jira. Xumura walgahichaa booda wanti akka ibsaatti baasanii facaasanii fi warra yaame wajjin murteeffatanii adda ka'an tokko akka hin tahin keessa beektonni(warruma qooda fudhatan keessaa)saaxil baasu. Yaadni labsi walgahii sun ibsu kanuma isaaniiti, garuu abdii waan of irratti hin qabneef carraa argatan maraan soba dhugaa fakkeessu yaalii gochaa jiru.

Qaamni Cehumsa Adda Bilisummaa Oromoo (QC ABO) gochaa abdi murannaa fi diinaaf jilbeenfatuu kana saaxil baasuu caalaa akkuma duraanii dura dhaabbata. Tooftaa qabsoo kaminuu lagachuu fi balaaleffachuun ofumatti gufuu tahuu dha. Ha ta'u malee kan qabsoofnuuf bilisummaa Oromiya akka ta'e dagachuu hin qabnu. Keessattuu tooftaa diinni nuuf murteessuun duwwaa dhaan diinatti qabsaawuuf waliigaluun gowwummaa dha. Nuti yoo dandeenye lollee saba keenya bilisa baasuu keessaa hirmaachuu dha. Yoo dadhabne ummatichaa fi dhaloota itti aanuuf dhiisuu dha malee "Oromoon dantaa isaaf qawwee baadhatuun hin malle; hin lollu; hidhannoo qabnuu ni hiikkanna" jennee ummata Oromoo bakka of buusuun mallatteessuun mirga eenyuullee akka hin tahin Qaamni Cehumsa ABO ni hubata. Mirga tahuu dhabuu duwwaa mitii badii tahuu isaas ni amana. Karaa keenyaa kaayyoo saba keenya birmadummaa isaa guutuu gonfachiisu irraa utuu hin maqin qabsoo bilisummaa keenyaa finiinsuuf hiriirree wal hiriirsuuf qophii tahuu keenya irra deebinee irbuu keenya haaromsina. Qabsaawotaa fi ummatni keenya bakka jiran maraa gochaa boodessitaataa kanatti bayyanachuun dura dhaabbannoo isaanii akka itti fufan gaafanna.

2. WAAMINSA KORA SABAA ADDA ILISUMMAA OROMOO

Korri Sabaa ABO geggeeffamuuf yaaliin godhamaa jiraachuu oduu deddeemtuu dhagahuun adda baafachuuf gaaffiin karaa gara garaa nutti dhihaatu dhimma kana irratti akka ibsa kenninu nu dhidhiibeera.

Murni nuun addaa kan ABO maqaa dhahatu walgahii jaleeleen murnichaa duwwaan irratti hirmatan yaamuuf qophiitti jiraachuu nutis toorii(rumours) ni dhageenya. Erga haalli waldhabbii Dhaabicha keessatti uumamee murni Shanee Gumii kun marraa hedduu walgahii fakkaataa geggeeffateera. Kan odeeffamu dhuguma yoo tahe walgahiin isaanii maqaa fedhan kennaniifis kanneen amma duraa irraa addatti hin ilaalamu. Walgahii gar-tokkee waan taheef rakkoo har'a ABO harkaa qabuufis furmaata maddisiisuu kan danda'u miti. Akka tilmaama keenyaatti namoota dhaabbii walfakkaataa qaban waliitti yaammacchuun qaqbsaawota yaada isaanii kan jal'inaa dura dhaabbatan irratti duula geggeessuuf,

qaama sirnaa of fakkeessuu fi umrii hoogganummaa isaanii dheereffachuuf, qajeelfama alagaa raggaasifachuun hojii irra oolchuuf haala aanjeffachuuf kan akeekkatee dha. Murni kun karaa dabaa kan qabate irraa utuu hin deebi'in qabsaawota ABO wayyaba hawwatee tokkummaa haqame deebisuuf fedhii agarsiisuu mannaa diina saba keenyaa, mootummaa Itiyoophiyaa ammaa, wajjin araaramuu filate. Kan nuti harka keessaa hin qabnee fi itti hin amanne tahuu hundaaf ibsina. Maqaa kora sabaa ABO geggeessinaatiin shira qabsoo bilisummaa Oromoo kolaasuuf xaxamaa jiru kana irraa akka hin hirmanne qabsaawota fi ummata keenya hubachiifna.

Kora furmaata rakkoolee harkaa nu qabanii maddisiisuu, warra mirga itti qaban hunda kan hirmaachisuu fi qabsoo keenya duratti tarkaanfachiisuu qabsoo fi qooda fudhannaa qabsaawota haqaaf dhaabbataniin ni geggeeffama. Sagantaa kora sabaa kan haqaa gama keenyaan ni qindeessina, bakka isaa fi guyyaa isaa batala yeroon isaa dhufuutti ni labsina.

3. WAA"EE TOKKUMMAA HUMNOOTA BILISUUMMAA OROMOO (THBO/ULFO)

THBO/ULFOn maaliitti akka jiruu fi qoodni keenyas maal akka tahe gaaffiin irra deddeebiin nutti dhihaata. ULFOn maaliitti akka jiru hooggana agoobarichaa irraa kallattiin dhagahuun sirnaa fi tartiibaan dhagahuun sirrii waan taheef isaaniif dhiifnee, waan nu ilaalu irratti kan itti aanu ibsina. THBO keessatti bakka bu'ummaan ABO eenyuuf akka hayyamamu murtii sirnaa utuu hin argatin rara'ee jira. QC ABOf ykn Shanee Gumiif ykn lameeniifuu tahuun murtii eeggataa jira. Hanguma kun tahuuttuu afachuu dadhabuudhaan Shaneen Gumii deggersa dhaabota miseensa THBO tahanii argachuuf duula geggeessuu caalaa wadhabbii ABO keessatti dhalate gara THBOttis babal'isuu fi QC ABO fi warra garana cillaanfachuu shakke moggeessuun agoobaricha dhuunfatuuf duula geggeessaa jira. Kanaafis ragaa kan tahu ofumaan of muudee yeroo dhihoo kana maqaa THBOtiin walgahii dhaabonni gariin quba hin qabnee fi irraa hin hirmatin geggeessuu Shanee Gumii ti.

QC ABO rakkoon ABO keessatti dhalate gara THBOtti cehee akka laaffisu hin barbaadu. Cimina THBOf qooda keenya gumaachuuf yoomi illee qophii dha. Dhaabonni miseensa THBO tahanis daba Shanee kanatti bayyanatanii hongeessuuf tarkaanfii malu akka fudhatan gaafanna.

4. HAALA ADEEMSA QABSOO KEENYA KAN WALIIGALAA

Yeroo amma diinni ummata keenyatti roorroo cimsee argamutti karaa dhaabota siyaasaa Oromoof dhaabbatanii sosso'iinsi nama jajjabeessuu mul'atuu dhabuun Oromootti gaaffii fi yaaddoo bulchuun yaada dhihaatu irraa ni hubatama. Gaaffiin kun yammuu suduudaan nutti dhihaatu illee ni jira. Yaadaa fi gaaffii qofa mitii qeeqni cimaan illee ni dhihaata. Dhaabonni hundinuu rakkina mataa isaanii qabu taha, garuu keenyatti haa fuulleffannu.

Dadhabbii qabaachuu keenya hin haallu. "Waraana guddaa qabna. Achii fi achiitti diina rukutnee barbadeessineerra. Naannoo akkasii fi akkanaa bilisoomsine" jennee himachuu keenya hin yaadannu. Kan hin himatiniif waan godhaa hin jirreefi. Kan nu hanqise laafinaa fi dadhabbii keenya tahuu haaluu baannus rakkoon hedduun kanneen nu irraa fagoo nuuf hubachuu hin dandeenye kan ilma namaa fi uumaa hedduutu jira.

ABO keessatti yaadni wayyeeffannaa fi jijjiiramaa yammuu dhihaate dhaabicha lamatti baasuu akeekachuun utuu hin tahin keessatti ilaa-fi-ilaameen fixannaa abdatuuni. Kanaafuu, barbaachisummaa humnaa fi qabeenya Dhaabichaa guutuutti dhuunfatuu fi warra yaadicha dura dhaabbatan kophaatti hambisuu hin saganteeffanne. Nuti haala shirri siyaasaa itti hanqatuu fi qulqullummaa Oromummaa sanaan deemne. Of duuba deebinee hoggaa ilaallu barnoota hadhawwa kan irra arganne tahuu ni amanna. Qabeenyuma wareegama keenyaan argameen nutti duulan. Warra kooluu itti galan jireenya isaanii hundaaf itti irkachuu bira dabranii duula bifa maraa nu irratti geggeessuuf suduudaan gargaarsifataniiru. Humna nuti qunnamuu fi dhiheessii kennuufii hin danda'in horii duraan dhorkatan itti dhangalaasuun yeroof sossobatanii dhuunfachuun booda facaasaniiru. Nuti murannoo fi haqa qabnu duraan dura dhaabbannee duula isaanii irraa hafne. Nuti kan wallaansoo qabnuun farreen fi boodessitoota keessaa duwwaa utuu hin tahin diina dhaabbataa/humna mootummaa Wayyaanee/, haala hamaa uumaa fi hiyyuma waliinis. Kana hunda irra aannee jiraachuu fi kaayyoon dhaaba keenyaa tiksinee falmaa daranii kan fuula duraaf of qopheessaa jiraachuuuu jabinatti ilaalla. Dadhabbii qabaachuu keenyas haallee of hin faarsinu. Laafina keenya wayyeeffachuu fi rakkina jirus qaqbsoon irra aanuuf of hin qusannu.

Maddi jabina keenyaa ummata keenya waan taataniif qeeqa dhiheessitaniin wal faana gumaachu isin irraa eegamus akka laattan yaadachiifna. Kanneen qooda keessan isa dabreef galatni qabsoo maluufis akka jiratan dagachuun miti. Kanneen utuu qabsoo bilisummaa keenyaa irratti ilaalchaa fi dhaabbii walfakkaataa qabnuu sababa lakkoofsa hin guutneen ykn sababa tokko malee adda qoorrifannee kopha kophaa duulaa fi qabsaawaa jirru waliitti deebinee gurmuu tokkoon diina keenya mancaasuutti akka fuulleffannu yaaminsa Oromummaa goona.

INJIFANNOO UMMATA OROMOOF!

Qaama Chehumsa ABO

OROMO LIBERATION FRONT
ADDA BILISUMMAA OROMOO

Press Release
2nd December 2004

Extravagant conferences will not bequeath legitimacy on Shanee Gumii

To resolve the crisis in the Oromo Liberation Front (OLF), which emanated from differences concerning the objective of the organization, through dialogue and peaceful means within the framework of the organisation has been the utmost priority of the OLF Transitional Authority. However, having squandered plenty of opportunities to solve the problem and now jaunty with financial support and guidance it receives from foreigners, Shanee Gumii has decided to push forward with its long term aim of subverting the Oromo people's struggle for liberation.

Shanee Gumii has been stubbornly denying its true intention of altering the objective of the struggle from liberation of Oromia to that of democratizing the Ethiopian empire notwithstanding the overwhelming evidence that is now in the public domain. Nonetheless, in practice Shanee is fully engaged in activities that would lead to a complete reversal of the gains of the struggle. Despite the fact that it has already been disowned by the majority of members of the OLF, the Oromo Liberation Army (OLA) and the Oromo people by and large, Shanee continues its illegal activities behind closed doors and misleadingly claims to represent the OLF.

The Peace Agenda, Bergen Conference and now another round of conference to be held in Asmara are few examples of Shanee's unilateral decision to promote its own objective of abrogation of the original objective of the OLF. In fact, we have already obtained a reliable piece of evidence that this group has further continued its illegal activities of changing the OLF political programme. Evidently, the forthcoming Asmara conference is yet another example of Shanee's utter contempt for the aspiration Oromo people to be free and the incalculable sacrifices paid by the founders of the OLF and now being paid by the current generation.

Shanee Gumii is a group that has been already out in the open for its departure from the objective of the OLF, and is now organising a sham conference by gathering its loyal supporters without any legitimate democratic representation of members of the OLF, that of the Oromo intellectuals, elders or religious leaders. In any case, those handpicked individuals can travel to Asmara but are in no position to deliberate freely to reach a decision as Shanee has become a bargaining fragment in the ongoing regional conflict. The conference will be closely monitored by the host. No doubt the outcome of the conference is predetermined by the host country which is at war with the empire that Shanee and its supporters wish to democratize. Therefore, the upcoming Shanee's conference is simply an illegitimate forum and its decision will be illegitimate what ever their decision may be.

There is no doubt that the OLF is at a cross road at this juncture. A group led by Shanee Gumii, with its intention of reversal of the helm of history, has embarked on a dishonest process of denial of the

Oromo people's rights to self-determination. On the other hand, true Oromo nationalists are determined to continue to struggle for the realization of liberation of Oromia. It is absolutely necessary to bring to an end the blander by Shanee Gumii and set the struggle on the right path once and for all. In that we genuinely believe the magnitude of the historic task ahead requires input from every genuine Oromo and we request the unreserved participation of true Oromo patriots in our efforts to overcome the current crisis and revitalize the OLF to stride forward to victory.

Once again, we call upon the entire Oromo nation, and in particular members of Gumii Sabaa and genuine OLF members, the OLA, and Oromo scholars, elders and religious leaders to oppose the illegitimate Shanee Gumii and stand up for liberation of Oromia. Finally, Shanee Gumii is unlawful and has no legal or morale grounds to represent the OLF and therefore its decisions are null and void.

Victory to the Oromo people!
OLF Transitional Authority

OROMO LIBERATION FRONT
ADDA BILISUMMAA OROMOO

Press Release
18th February 2005

WE CONDEMN ETHIOPIAN REGIME'S ACTS OF ETHNIC CLEANSING

We strongly condemn the forceful eviction of thousands of Gujii Oromo families from Nach Sar area of Oromia by the TPLF/EPRDF regime of Ethiopia under the guise of creating a national park. Nach Sar has been under development since 1967 and has been operating as a wildlife park since then. The Gujii people have been living in and around the park for centuries and have a superior tradition of being the guardians of their natural resources.

Reports from the area show that families have been evicted from their villages and encamped on a temporary site in the park before the so-called Oromia regional government has agreed the resettlement site. Houses were burned; people are suffering from lack of food and proper sanitation, and are being exposed to disease as the result of disruption to their life. What is more, it is tragic that the regime has decided to move the Gujii of Nach Sar over 160 km away to another region. One such action is the barbarism of ethnic cleansing to which the Oromo people are being subjected.

In fact, it is a public knowledge that international experts have strongly recommended all plans for resettling Gujii families from Nach Sar national park be dropped by the regime and suggested viable alternatives instead. The best socioeconomic and environmentally sound policy being adopted by the rest of the world is enabling the indigenous people to fully participate in creating and managing wildlife sanctuaries. International standards demand that projects of conserving wildlife parks must involve local communities to participate in all aspects of the project. However, the regime's total disregard for the advice is clear evidence that it employs every excuse to dismantle the Oromo society for political motives.

The tyrannical regime of Meles Zenawi has started its policy of ethnic cleansing in earnest by forcefully removing the capital city of Oromia from Finfinnee. At present, the regime is implementing its open policy of ethnic cleansing by creating an exclusion zone of 50 km radius around Finfinnee by uprooting Oromo families from their villages where they lived for generations. What is clear is that this malicious strategy of the exclusion zone, which is reminiscent of Apartheid, is being pursued by the regime simply to distance Oromos away from Finfinnee under the pretext of land for investors, when in reality the so-called investors are corrupt TPLF/EPRDF officials themselves.

Furthermore, the regime orchestrates unwarranted tensions between neighbouring communities and arming others to kill Oromos. For instance, the recent clashes between the Oromo people in eastern Oromia and neighbouring Somali people, armed by the TPLF/EPRDF regime, left half a dozen Oromos dead and thousands displaced. Having created clashes the regime presents itself as the arbitrator and

conducts a number of sham and manipulated "referendum" in many parts of Oromia, in which the results have invariably been that disputed territories are taken away from Oromia. In addition, the regime also uses resettlement as a cover-up in order to evacuate Oromos from their ancestral land causing calculated maximum damage to the Oromo social fabric.

We strongly deplore the regime's acts of ethnic cleansing and warn them that their actions will lead the region into further chaos and unrest whereby there will be no winners. Once more, we also call upon the international community to take note of the Ethiopian regime's crime against humanity and put pressure on the regime to save life.

Finally, above all we call on the entire Oromo people to stand together to strengthen the liberation struggle in order to assure the future survival of our nation.

Oromia shall be free!!

OLF Transitional Authority

OROMO LIBERATION FRONT
ADDA BILISUMMAA OROMOO

PRESS RELEASE
15/07/2005

WE CALL FOR CALM AND RESTRAINT ON BOTH SIDES OF THE BORANA AND GABRA OROMO COMMUNITIES

We view with a grave concern the latest cycle of clashes between the Borana and Gabra Oromo communities on the Oromia-Kenya border. We are saddened by the news that this week alone more that 80 people died and thousands fled their homes as a result of revenge attacks between these two Oromo communities. At this juncture we convey our sympathy and condolence to the families affected.

We urge both parties in this conflict to exercise wisdom and restraint. Both Gabra and Borana are one and the same people residing side by side both in Oromia and Kenya. They share not only the same culture and language but hardship due to the harsh environment they live in and immense underdevelopment. What unites them outweighs, by far, what divides them.

We believe that the sad event was caused by and large due to minor misunderstandings that are fuelled by others who seek to cause instability in the region. These forces of darkness are short-sighted and eager to exploit any tension between communities for their unholy motives. To cover up their own evil intension, as usual, such groups attempt to incriminate the OLF in this conflict. As far as the OLF led by the Transitional Authority is concerned, we are deeply disappointed the fact that lives were lost in the conflict and deplore the immense suffering endured by both sides. We would like to categorically reassure all concerned that we are not involved in the conflict whatsoever. On the contrary, we urge all parties involved to disengage from armed confrontation and resolve the matter through the elders and religious leaders according to the Gada rules of conflict resolution between Oromos to formulate a lasting peaceful solution.

We also ask those who spread unfounded allegations about the OLF to desist from such activities that could lead to the spread of such conflicts to other communities in the region.

Finally, we call upon elders of the Borana and Gabra communities to come together and start talk as a matter of urgency to stop the violence.

OLF TRANSITIONAL AUTHORITY

OROMO LIBERATION FRONT
ADDA BILISUMMAA OROMOO

5 CAAMSAA 2005

"FILANNOON" ITOPHIYAA GAAFFII UMMATA OROMOOF FURMAATA TA'U HIN DANDA'U

Jaarraa tokko oliif ummatni Oromoo waanjjoo cunqursaa kolonummaa fi saaminsa impaayera Itophiyaa of irraa darbuu dhaaf qabsoo wal irraa hin citin gochaa turu illee, yerroo ammaa kana koloneeffattoonni Itophiyaa mirga ummata Oromoo daran dhiphisuudhaan sirna saaminsaa fi cunqursaa hamaa gadijabeessanii argamu.

Akkasumas hariiroon ummata Oromoo fi mootummaa koloneeffataa Itophiyaa gidduu jiru hundeedhan hammaachaa dhufee mootummichi amma jiru kun ummatumma Oromoo iyyuu lafa irraa dhabamsiissuu irratti xiyyeeffatuun ummata keenya waraanaan, hidhaan, biyyaa baasuun, dhukkubaan, hiyyummaan, beelaa fi jireenya issaa jeequun lafa irraa daguugaa jira.

Gaaffiin ummata Oromoo har'a illee gaaffii kolonii ta'uunii fi qabsoon inni sirna kana hundeedhaan of irraa buqqisuuf godhu caalaatti jabaachaa fi babal'achaa deemuun waan filmaata biraa hin qabne ta'uu ummatni keenya ABO bira dhaabatuun yeroo mirkaneessee jirutti, bittaan mootummaa koloneeffataa duraanii jijjiiramee sirni Wayyaanee bakka bu'u iyyuu, akeekni sirna bittaa Wayyaanee impaayericha tiksuu fi qabeenyaa hundaa dhuunfachuuf kan diriirfame waan ta'eef, "filannoon" jedhamus sirna kana itichuu fi sirneessuuf kan geggeefamu ta'uun isaa beekamaa dha.

Mootummaan koloneeffataa Itophiyaa amma aangoo irra jiru kun diina kallattii qabsoo bilisummaa ummata Oromoo waan ta'eef; ummata keenya roorroo kolonii jalaa baasuuf kan danda'amu qabsoo farraa kolonii deemsisuu dhan mootummaa Oromiyaa walabaa argamsiisuuf yoo qabsoo bilisummaa Oromoo finiinsuu ta'e malee, "filannoo" keessatti hirmaachuun akka furmaata hin fidne jabeessinnee amanna.

Mootummaan Itophiyaa hundi ummata Oromoo koloneeffatanii dafqaa fi qabeenya isaa saamaa turuu dhaf gurmuu isaa laaffisuu, sabummaa isaa haquuf fi mirga hiree murteeffaannoo ummatichaa ukkaamsuu dhan ta'uun wal nama hin gaafachiisu. Waa'ee filannoo ilaalchisee, ammaan duras, jabana Hayilasillaasee "filannoo Paarlaamaa", jabana Dargii "filannoo Shangoo" fi amma jabana Wayyaanee "filannooleen mana Marrii" geggeefamaa turuun ni yaadatama. Kun hundi sirna garbummaa ummata keenya irratti gad jabeessani malee jireenya isaa waan wayyeessan hin qaban.

Kanaaf jecha, qabsoon ABOn geggeefamuu qabsoo gaaffii bilisummaa waan ta'eef nuti kan itti amannu, ummatni keenya gaaffii isaa xaliilchee beekuu fi kayyoon isaa mootummaa Oromiyaa gadi dhaabatee aadaa isaa boonsa sirna Gadaa irratti sirna gadoominaatiin mootumma isaa sadarka hundattu filannoo dhugaatiin utubachuu dha jenna.

Impaayera Itophiyaa keessa sirni dimokratawaan waan hin jirreef, gaaffii ummata Oromoo gaaffii barbaacha sirna dimokrateessuu Itophiyaa godhanii dhiheessuun dogoggora jenna. Impaayerichi humna qawweetiin ijaaramee, humna qawween tikfama. Qabsoon ABOn geggeeffamu hangam hadhaawaa ta'u illee duraan dursee sirna bittaa kolonii jalaa ummata keenya bilisa baasuu fi achiin boodas sirna dimokraatawa ta'een mootummaa walaba Oromiyaa dhaabuu dha.

Idiledhumatti filmatni mootummaa Itophiyaa filmaata kolonefatootni sirna bittaa isaanii dheerefachuuf, fudhatama seeraa ofii isaaniif kennuuf, mootummaan jiru mootummaa fedha ummataan utubamu fakkeessuuf akkasumas, ummatoota sirna boojuu jalatti walabummaa isaanii sarbamanii rorrifamaa jiran qabsoo haqaa bilisummaa isaaniif godhan irraa gara dabrsuuf akeekame dha.

Kanaaf jecha, ABOn amma illee akkuma kaleessaa ummata Oromoof dhaamsi qabnu, “filannoon” Itophiyaa keessaatti ta’es ta’u baatees qabsoo bilisummaa keenyaaf falmatuu fuula hundaan ittifufuu dha.

Injifannoo Ummata Oromoof!
Qaama Cehumsaa ABO

OROMO LIBERATION FRONT
ADDA BILISUMMAA OROMOO

8 Waxabajjii 2005

Haala Yeroo Ammaa Impayera Itophiyaa Keessatti Dhalate Irratti Ibsa ABO

Impayera Itoophiyaa keessatti filmaatni Ebla 15 bara 2005, deemsifame sagalee kennuun xumurameera. Itti bahiin filmaatichaa kan waliigala, yoo hin labsamne ta’ee iyyuu, waldorgoomtootni lama, TPLF/EPRDF fi CUDn anatu mohe jechuun wal morka jiru. Yeroo ammaa, falammiin isaanii kan afaanii bira dabree gama humnaan wal dura dhaabbachutti tarkaanfachuun mul’ataa jira.

Filmaata jedhamu kana irratti, ejjennaan dhaaba keenyaa, kan ABO, maal akka ta’e, Hogganni ABO, kan yeroo cehumsaa, ummata keenyaaf ibsa kanaan dura baaseen hubachiiseera. Ibsa sana irratti, filmaatichi, giti bulchaa Tigray golgaa demokraasiin, sirnicha dhuunfa isa jalatti itti fufisisu fi warri jireenya sirnchaa irraa bu’a qaban kan biraa ammo maqaa filmaatan baallii irraa fuudhanii ol’aantummaa duraanii deebisuuf dorgommii deemsifamu akka ta’e hubachiifnee jirra.

Wayyaaneen, xalayaa filmaatan ta’uu humnaan, aangoo iirra akka turu beekee, mormitootaaf hanga tokko hula banuun, dhugaa ittifakkate , humnootni alagaa gariin filmaata kana yeroo “jalqaba dimokrasii dhugaa” jedhanii farsuun isaanii beekkamaa dha. Dabrees, hawaasuma keenya keessaahuu, sagalee ummatnii Oromoo mormii Wayyaaneef jecha, dhaabota maqaa Oromootiin walaba ta’anii socho’aniif kenne, sunuu kan hacuuccaa guddan ta’e, ilaaluun dur hinjirree “impayerichi kunoo demokrata’uu jalqabe” jechuun kanneen qalbiin hiramu jalqabes akka jiran dhoksaa miti . Haata’u malee, filmaatichaan walqabatee haalli akka buluun mul’ata dhufe garuu, maalummaa Wayyanee fi filaamta isii, akkasumas, sirnichaa saxil dhaabee jira. Demokraasiin warra Abysiniyaa hanga eessatti akka deemus mul’iseera. Akkanaanis haqummaa ejjennaa keenyaaf dhugaa baheera yoo jenne soba hin ta’u.

Yeroo ammaa filmaata dabree kanaan walqabatee falammiin ow’aan humnoota lama TPLF/EPRDF fi CUD giddutti jalqabamuu isaa argaa jirra. Falammiin kun falammii gaaffii saba keenyaa isa hundeef furmaata argamsiisu akka hin taanee ifaa dha. Kanas sagantaa humnootni waldura dhaabbachaa jiran laman irraa hubachuun ni danda’ama. Sagantaan TPLF, maqaa mirga hiree murteeffannaan, abbaa impayerichaa ta’ee aangoo irra turuu dha. Sagantaan mirga hiree murteeffannaa TPLF , maal akka ta’e, ammo, mooyxannoo keenya waggoota 14 dabran caalaa ragaan biraa tuquu hin feesisu. Kan CUD fi sharikotas isaa yoo ilaales, maqaa sirna kayyoon isaa “libraal dimokrasii” ta’en, gabaa walabaa fi qabeenya dhuunfaa dagaagsuu, mirga nam-tokkee guddisuu, sirna lammummaa irratti hundeeffame haquun tokkummaa biyyaa deebisuu fi jabeessuu jedhun mirga ummatni keenya hanga ammaa qabsoon argate, haquu fi sirna bulchiinsa dabree golgaa baraneen deebisuu akeekata. Kanaafis, manifesto isaanii kan filmaataaf itti dhihaatani fi ibsoota isaanii gara garaa caalaa ragaan hin jiru. Tokko isa kaan irra wayyaa fi fira ummatoota fakkaatee dhihaatuuf yaalu illee dhugaan jiru garuu,

lamaan isaanihuu ejjennoon Oromiyaa fi Oromoo irratti qaban unkaan garagar haa ta'u malee qabiyyeen isaa tokkoo. TPLF, harka naannoon isin bulchuu ittifufna jedha. Warri amma isaan waldura dhaabbatan ammoo suduudan akkuma kaleessatti isin bulchina jedha.

Akka amma hubachaa jirutti, humnootni kun lameen akka waan nuuf dhaabbatanitti uummatni keenya akka isaan waliin hiriiruuf kara karaan maqaa ummata Itophiyaa jedhuun waamicha dabrsaa jiru. Falammii walgidduutti godhan keessatti akka hirmaanus hawwii fi fedhiin isaanii guddaa dha. Falammii amma humnootni kun wal gidduutti godhaa jiran waliin hiriirri Oromoo eenyu waliin ta'uu qaba kan jedhu gaaffii namuu irratti haasa'u ta'uun beekkamaa dha. Ejjennaan gara garaas akka jiru wal nama hin gaafachiisu. Ejjennaan tokko xiqqaa ta'us, humana kamii waliininu hiriiruun Wayyaanee kufisuu kan jedhu dha. Ejjennaan inni lammaffan, kanneen har'a sirna durii deebisuuf deeman irra Wayyaaneetu wayya kan jdhuun, Wayyaanee tumsanii dhaabbachu barbaachisa dha kan jedhu dha.

Nuti, akka ABOtti garuu, filmaatni keenya gooftaa lama keessa kamtu wayya jennee filachuun sirii miti jenna. Akeekni dhaabbannee fi filmaatni haqaa sirna impayerummaa gooftota kanneen lamaan dhalache, gadaa dhufaa dabraa, Oromo fi Oromiyaa, qabeenya isaanii taasianii golgaa gara garaan irratti walmorkan hundeen dhabamsiisuuf qabsoo bilisummaa jalqabne ittifufuu ta'uu qaba jenna.

Ejjennaan ummata keenyaa, fi humnoota bilisummaa Oromoos, kana ta'uu qaba jenne amanna. Ejjennaa kana irraa ka'uun ummatni keenya balaa dorgoomiin biyya isaa waltajjii godhatee deemu kun fidu ittisuuf dammaqaan socho'uu qaba jenna. Gaaffii isaa kan mirga abbaa biyyummaa gutuuf, mirga hanga ammaa argate tikfatee, kan caaluuf qabsawuuf sadarkaa hundatti tokkummaa isaa fi jaarmayaa isaa jabeeffatee, walabummaan qabsoo isaa ittifufuu qaba jenna. Warra harka isaan ibidda qabachuu barbaadan diduutu irra jiraa dha ejjennaan keenya.

Dhaabotni Oromoo mirga ummatichaaf dhaabbatne jedhanis, kanneen bilisummaaf dhaabbatanii fi sirna mootummichaa keessattis socho'aa jiran dabalatee, mirga warri Abisiniya qunxuranii namaaf kennaniin gaaffiin ummata keenyaa akka hin furamne beekanii haala amma jiru keessatti, sabni keenya alaagaaf meeshaa ta'ee dorgommii isa hin ilaalle keessatti gama fudhachuun dantaa faallaa isaa ta'eef wareega hin barbaachifne akka hin baafne fi dantaa isaaf akka dhaabbatu sochii isaanii walitti qindeessanii sadarkaa hundaatti qooda dandeettii isaanii keessa jiru fi isaan irraa eeggamu kennuu qabu.

Karaa biraan, Oromootni, TPLF humana isaan taasifatte aangoo irratti of tiksaa warrii jirus, ejjennaa isaanii sirreefatanii, meeshaa algaa ta'uu keessa bahun sochii ummatni Oromoo biyya isaa Oromiyaa irratti mirga abbaa biyyummaa isaa mirkaneessuuf godhu keessatti akka hirmaatan waamicha sabummaa fi qabsoo bilisummaa dabrsinaaf.

Maayyii irratti, yeroon itti meeshaa alagaaf taanee biyya keenya irratti gooftummaa enyullee mirkaneesinu dabree jira. Haala dhalate gama injifatnoo saba keenyatti jijjiiruuf humnootni Oromiyaaf dhaabbatan hundi yeroon itti maal keessa jirra jedhanii of gafatan kan ammaa caalu hin jiru. Kanaaf, haala jiru dantaa qabsoo saba keenyaaf oolchuuf humnootni bilisummaa dhugaa tokkummaa dhugaa hojiin mul'atuuf haa kaanu. Injifatnoon falammii alaga gidduu fi eebba hawaasa addunyaatiin teteenyee osoo hin qabsawin fi hin gurmaawin dhufu hin jiru. Kanaaf, dadhabbii keenya jabinatti jijjiirree, hamilee saboonummaa gutuun, Oromummaan akka Oromootti, biyya keenya dirree falmaa gooftota lamaa ta'uu irraa bilisa baasuuf haa hojjennu.

OROMO LIBERATION FRONT
ADDA BILISUMMAA OROMOO

3 Hagayya 2005

IBSA EJJEENNOO FI MURTILEE WALGAHII IDILEE ABO KAN BIYYA ALAA BARA 2005

Miseensotni ABO, iddabu'ooti konyaalee ABO Amerikaa Kabaa, Awuropaa, Kanaadaa fi Awustraliaa akkasumas, miseensonnii koree Qaama Cehumsa ABO kan irratti argaman walgahiin bara 2005 biyya Amerikaa, magaalaa Washington DC keessatti Adoolessa 26-28 2005 geggeesine. Walgahiin kun dhimmoota qabsoo bilisummaa Oromoo jajjaboo irratti gadifageessee erga marii'ateen booda murtilee armaan gadii dabarsun milkii fi injifannoon xumurame.

Kaayyoo ABO ilaalchisee

Kaayyoo bilisummaa dhugoomsuuf dhaabni keenya, Addi Bilisummaa Oromoo (ABO), hirbuu seenee qabsaawoti fi ummatni Oromoo gannaa soddoomaaf aarsaa ulfaataa itti baasuun beekkamaa dha. Kayyoo haqaa kana karaa irraa maqsuuf nyaaphii keessaa fi alaa harkka walqabatanii tattaaffii hin godhin hin qaban. Keessumaa, waggoota shanan dabrani as, murni Shanee Gumii kan tumsaa fi ajaja alagaatiin socho'u Itophiyummaa maxxanfatee jilbeemfachuun maqaa ABOtiin ummata burjaajii yaadaa itti ummaa jiraachuun hubatamaa dha.

Nuti hirmaatonni walgahii seena qabeessaa kanaa, haala qabsoo bilisummaa Oromoo idilee fi daba gareen kaayyoo ganamaa gane hojjetaa jiru bal'inaan erga xiinxalle booda, dhama'insa yaadaa gareen Shanee Gumii maqaa ABOtiin uumaa jiru xaliilchuun barbaachisaa ta'uu waliigalle.

Waan ta'eefis, kaayyoon ABO kan ganna soddomaaf qabsoon ittiin masakame bu'a baii hedduu keessa darbee as gahe**, "Oromiyaa kolonii, hacuuccaa fi saaminsa jalaa bilisa baasuun mootummaa walaba Oromiyaa dhaabee iggitii itti godhuu"** ta'u irraa deebinee mirkaneesina. Akkanaanis, dhaabni keenya ABOn akkeeka kanaaf qabsawee kan qabsoosifisu ta'u firaafis nyaaphaafis irra deebinee addessina. Dhugaan kunis ummata keenya alaa fi keessaa biratti akka hubatamu, sochii fuula hundaan goonu caalaatti finiinsuuf murteeffatane.

Tarsimoo fi Tooftaa Qabsoo ilaalchisee

Alagaan biyyaa keenyaa qabatee ummata Oromoo lafa irraa dhabamsiisuuf har'a illee kutatee waliif baabsuun hojjetaa jira. Hacuuccaa fi saamichi kolonefatootni Itoophiyaa ummata keenya irraan gaha jiran jabaataa dhufe malee akka ayyaalaalatootni tarkaanfii fakkeessuuf diinni fudhate nu dura qabuun nu amansiisuu barbaadanitti jijjiirraa agarsiise hin qabu. Waanta'eefis, walabummaa keenya gonfachuuf qabsoo goonuuf, jaarmayaa dhaaba keenya ABO jabeessuuf hojjetaa, tokkummaa ummataa

fi qabsaawota balaa burjajesitoota irraa ittisaa, sochii siyaasaa fi hidhannoo waliitti qindeessuun geggeessuun har'as tooftaa filmaata biraa hinqabne ta'uu hubatne. Akkanaanis, qabsawotin fi sab-boontonni Oromoo dhugaa kana hubatanii qabsoo bilisummaa Oromoof gumaata irraa eegamun akka qabsootti birmatan waamicha goonaf.

Hala 'filannoo' impayera Itophiyaan walqabtee dhalate ilaalchisee

'Filannoo' Itophiyaa keessatti ta'e mootummaa garboomfataan ummata addunyaa gowomsuun Oromiyaa irratti iddabu'ummaa waan qaban fakkeesuuf kan saganteefatan akka ta'e ifaa dha. Balli aangoo wal irraa fudhuun umrii impayerichaa dheeressuuf kan akeekame akka ta'es haala mul'ate irraa hubachuun rakkisaa miti. Gaaffiin ummata keenyaa gaaffi maqaa filmaata fi dimokrasitiin umrii impayerichaa dheeressu miti. Gaaffiin isaa gaaffii walabummaa Oromiyaa mirkaneessu ti. Qabsoon deema jirus qabsoo bilisummaa, mootummaa Oromiyaa walaba gadi utubachuuf deemsifamu dha.

Jilbeenfatootni ABO irraa fotoqan filmaaticha keessatti hirmaachuuf ejjennaa fudhatanii turan karaa Wayyaaneen waan didameef filmatni ta'uuf deemu dimokratawaa hin ta'u jedhanii dura lalabuun ni yaadatama. Osoo hin turin garuu, carraa wayyaneen ta'e jettee hawaasa addunyaa gowomsuun banteen haala umame irraa, filmaatichi kan dabre irra wayyaadha jechuu itti aansan.
Injifatnoo yeroo dhaabotni Itophiyaa Wayyanee bakka bu'uuf cecehan yeroof argatan kan Oromo fakkeesse osoo hin turin, akka waan filmaaticha keessatti hirmaatetti itti baha filmatichaa hin fudhu jedhee lalabe. Warra itti baha filmatichaa morman waliin ummatni Oromoo hiriiree akka finciluuf wareegama hin barbaachifne baasu "Bilisummaaf Socho'uun Amma kan jedhuun labsa dabarse. Gareen tarree mormitoota Itophiyaan of qixeessee hiree isaa kan isaanii waliin walitti hidhe kun afanfajawinsa uumu illee ummatni Oromoo garuu akka inni fedhe hin taaneef. Nuti gamaa keenyaan, bilisummaan Oromiyaa filmaata parlaamaa Itophiyaa keessaa hin argamu jenna. Maqaa filmaataa fi dimokraasitiin impayera dullome umrii dheeressuun sochii godhamu ni mormina. Kanaaf yeroon dheeratus qabsoon hadhawaa ta'ulee ummatni Oromoo bakka jiru hundatti akkuma kanaan duraa qabsoo bilisummaa isaa jabeefatee, tokkumaa isaa tikfatee fi murannoon 'qabsoon itti fufaa, bilisummaan ni dhufa' jedhe akka warraaquu waamichaa dabarsina.

Tokkummaa ummata Oromoo ilaalchisee

Farreen bilisummaa Oromoo hundi kan irratti xiyyeefatanii dalagan tokkummaa ummatichaa ta'un nama hin mamsiisu. Garaagarummaa kaayyoo ABO keessatti dhalateen waldhabdeen ummamee hoggana yeroo cehumsaa utubuun dirqii ta'e sochiin deemaa jirachuun dhokataa miti. Murni Shanee Gumii kaayyoo ganee dirree falmaa gadi lakkisee harka alagaa jalatti da'oo tolfatee waggoota arfan darban kana osoo wal irraa hin kutin ummata Oromoo kutaan, gandaan, amantii fi kan kana fakkaataaniin adda qooduuf olola dharaa oofaa jiraachuun hubatamaa dha. Tokkummaa keenyaa tikfachuun akka dhimma hangafichaatti ilaalamee, keessaa ammoo ummatni keenyaa biyya ambaa jiru duula ololaa kanaaf osoo hin gowomfamin walitti dhufee dhugaan bakka jirtu hubatuun tokkummaa isaa kaayyoo bilisummaa irratti akka jabeefatuun murteessaa dha.

Waamicha

Ummatni Oromoo, miseensotni ABO fi deggeetonii qabsoo bilisummaa marti nyaaphii keessaa fi alaan walgurmeessanii tokkummaa fi kaayyoo kenyaa irratti dhamainsa fiduuf halkanii fi guyyaa hojjeechaa akka jiran hubattanii yeroo kam caalaa damaqinsaan walgurmeessinee dura bilisummaa keenyaaf haa warraaqnu.

Injifannoo Ummata Oromoof!

Qaama Cehumsa ABO

OROMO LIBERATION FRONT
ADDA BILISUMMAA OROMOO

13th September 2005

The renegade Asmara Group is negotiating terms of surrender but their enterprise has nothing to do with the Oromo Liberation Front

The splinter Asmara Group has been tirelessly working against the Oromo national interest for several years. The group illegitimately claims to be Oromo Liberation Front (OLF) whilst in actual fact it had abandoned the organisation and settled in Eritrea from where it has been engaged in a systematic abuse of the OLF. What is more, the group is in its final stage of preparation to trade off the legitimate Oromo quest for freedom simply to obtain clemency from the oppressive Ethiopian regime. Therefore, it comes as no surprise that their accomplice Meles Zenawi has taken upon himself the trouble of telling the BBC that he has started talks with the OLF. The main mission of Meles Zenawi is to weaken the Oromo question for independence by dealing with a pseudo-OLF.

Some might assume that Meles Zenawi is bluffing to scare others by pretending to make a deal with the OLF. The Oromo people should not make mistake and be taken in by such propaganda. Among other things, we all along knew about summit that took place recently in Oslo, Norway between Meles and the group's contact person and that is now being told to the BBC. Nonetheless, the Oromo people are tired of being misused by selfish hypocrites and are not there to sacrifice to repair the fracturing ailing empire state of Ethiopia that is perpetrating genocide against us.

In their endeavour to pave the road for their own surrender, members of the Asmara Group have destabilized cohesion of members of the OLF, treacherously tampered with the unity of the Oromo nation, frustrated the efforts of genuine freedom fighters and finally arbitrarily rewritten the political programme of the OLF. In that they reneged and betrayed the original objective of the OLF, the struggle for complete independence of Oromia.

The Asmara Group is well trained by the Abyssinians in fabricating lies. From its hideout in Asmara, the group targets Oromo heroes and freedom fighters by running smear campaigns against them, threatening to kill and spreading malicious lies against the OLF-Transitional Authority. They have misappropriated funds raised in the name of the struggle and what is more, assisted by foreign forces, they have wounded and killed Oromo freedom fighters. Knowing how callous the group is, it will leave no stone unturned to return our nation back into dark and hideous age. Therefore, it is the duty and responsibility of all true sons and daughters of our nation to reject the Asmara Group all together and join us and go forth on the right path to true freedom and emancipation from slavery. Even at this last hour we also remind the Asmara Group and their supporters to heed our advice and desist from their illegal and counter Oromo liberation activities in the name of the OLF.

Victory to the Oromo people!

ADDA BILISUMMAA OROMOO
OROMO LIBERATION FRONT

10/18/05

Dhaabbiin Wayyaanee kan har'aa kan dur irraa maaliin gargar tahe?

Wayyaaneen si'ana baayyee odeessiti. Wanti iseen odeessitu hundi hubannoon dhaggeefatamu qaba. Kan iseen jettu hundi olhantummaa isee irratt hamaan aggamame akka jiru agarsiisa. Nafxanyaan durii bakka itt kuffistee mataa olqabata akka jiru wowwaati. Kanaafi BBCn Mallasaan Oromootti harka hiixataa jira jedhee Fulbaana gara jalqabaatt kan labse. Jara isa jarjarsaa jiran naasisuuf ABO hawwachuu eegale. Hinturree jara jarjarsa diplomasiin laaffifate. Deplomaatota itt bobbaasee sagantaa saaniirraa bultii saddi keessatt al sadii sigigaachise. Waan qaban gaddhiifnaan hundu nama tuffata. Mallasis Amaara tuffachuutt ka´e. Isa booda waa'ee ABOn araaramu kan BBCtti hime keessa deebi'ee ilaalu jalqabe. Fulbaana gara dhumaa dhaaba radiyoo fi televizhiniisaa waamee ibsa kenne. Mootummaan waan heera fi sirna heeraa ilaalu irratt eenyu waliinuu hin dhoofsisu jedhe. Kan waliin dubbatu yakka kanaan dura hojjetaniif akka yeroo deebi'an hin rakkane ("*--bayyafirdi beetuu indayinkaraattatu"*) gochuun akka itt dandahamu irratt tahuu hime. Akkasumas deebi'anii akka hin shaffatnee waasiin waamsisa jedhe. Mallasaan ABO gola mormitu biyyattii irraa addatt akka hin ilaalle mirkaneesse. Kanaan dubbiin Bilisummaa Oromoo dubbii mormitu Habashaa tokkott gad deebite. ABOnis bulgu Habashaan ittiin wal sodachisu tahe.

Murni ABO irraa fottoqee teessoon isaa Asmaraa godhate waamicha Mallasaa kana fudhatee akka galu jaarsi faranjii gamaa fi gamanaa carraaqii gochaa jira. Ofiifis Oromoon maal jedhinnaa dhiisee dhiibbaa faranjii kanaaf gurra kenna akka jiru ni beeksisa. Yaada ofii osoo hin tahin yaada halagaa afarsuutt jira. Oromoo Oromummaa saatiin kan beeksise wareegama goototi lakkofsa hin qabne 1991 dura kafalaniin. Isaan asisis, mirga abbaa biyyummaa dabarsinee hin kenninu jechuun kumootatu kufe. Habashaan waraana isaa Oromiyaa irraa dachaafatu malee nagaan hin argamu jedhanii dhiibbaa amma hiriyooti isaani jalatt kufaa jiran kana didani. Isaan keessaa hoogganoota yartuu yaadachiisuuf, Nadhii, Guutamaa, Burussoo, Milkeessaa, Boru, Nagaasaa maqaa dhahuun ni gaha. Jarri amma hin galla jedhan kaka diddaa sana keessa turani. Waggooti darban keessa diddaa sanaan kan ka'e, galtuu malee Oromoon maqaa ABOn itt hin roorrifamin hin turre. OPDO keessaa illee kan seexaan saanii rorroo kana fudhachuu mamsiise meeqatu "gimgamaan" itti jige. Kun hunduu tahee ummati ABOn mirgaan nuu gala jedhee eeggata bahe. Dubaroo meeqatu dibbee fi kolbaa ittiin simattu qopheeffate. Dargaggoo meeqatu shimala ittiin dhiichisu qaqate. Yoo harka duwwaa galu, mataan saani gad ilaaluuf deema. Kana kanaaf maaltu waggaa kana hunda turse? Oromoon ofti boonan hanga dhumanitti yk hanga hamileen saani cabutti eeguuf ture laata? Kun akkas akka tahu Mallasaa waliin sadaa turanii laata? Kanneen dooyyaa halagaa keessatt eegee suuqatetu ABO gurgurtaaf dhofsisaa jiraa laata? Hoogganooti ni deebina jedhan kun kana beekaamoo gowwoomfamaniitu? Isaan keessaa eenyu fa'i kan waan kana oofaa jiru? Gaaffiin kun hunduu duubatt deebinee akka kan badee fi kan tole qorannu nu dhiiba. Dhugaan waan hin dhokanneef yeroo ofiin of saaxilan duukaa buunee ilaalla. Ammaaf Oromoo irratt kallatti hedduun mari'atamaa akka jiru dagachuu hin feenu.

Dhaamsi nuti Oromoof qabnu, jarri halagaa waliin sadaa jiran kun gaaffii Oromoo ukkamsuuf deemu. Itiyoophyaatti harka kennatanii samicha qabeenya Oromiyaa gargaaruuf deemu. Itiyoophiyaaf demokrasiin halagaa dha. Yoo bar tokko of demokratessuu murteeffatan illee aarsaa guddaa baasuu qabu. Inni tahee iyyuu waaq beekiidha. Oromoon of rakkinaa baasuu dhisee jara demokraasiin aadaa saanii keessa hin jirreef maaliif wareegama? Osoo fedha qabaatanii wagoota 3000 himatan keessa maaltu isaan dhorge? Dorgommee gidduu darbe Habashooti walliin godhan akka itti gaggeessan hunduu argee jira. Haanxiin Demookraasii illee keessa hin seenne. Waraqata darbachuu kaasee hanga Parlaamaa galuutt xaxaa uumame hundi ni yaadata. Mallasaan durooma keessa jiru dhiigaan argate.

Filmaataan gadin dhiisa kan jedhe, qoosuusaa akka ture ifatt agarsiisee jira. Kan qoosaa hin beekne immoo rasaasaan akka haxaawu namoota hiriira bahan irratti huubachiiseera. Isaaf tahitaa gaddhiisuun gaafii jireenyaa fi du'ati.

Kanneen tahitaa fudhachuu barbaadan jaalalaan yoo dide dirqiin irraa buusuu akka dandahan itt agarsiisuu qabu. Bakka waanti sodaachisu hin jirretti tola bantii duroomaa irraa waanti konkolaatuuf hin jiru. Kufnaan Dabira Biizenitt ol bahu illee cubbuun saa biraa hin hafu. Habashaaf demokraasiin dhaadannoo halagaati. Kan isaan dhahan gowwoomsaafi. Dantaa saanii sirni itt caalu hin jiru. Mallasaan hooganoota ABOn waggaa kudhan dura kottaa najalatt hojjedhaa jennaan didan. Yeros maaliif didanii amma maal gad dhiifnaaniif itt galuuf ka'ani? Hibboo Oromoo hunduu deebisuu qabu. Wayyaaneen akka ilkaan dhalootaa hundee raafamaa jira. Buqqa'ee jalaa ka'iif iddoo gaddhiisuun waan hin oole. Yeroo akkasii gurmuu jabeeffatanii badduu baasuuf raasuu, kan biqiluuf jedhud akka ol hin bane doomsuu malee tuggee tahanii utubuuf fiiguun maal jedhama?

Yeroo hunda kan namatt lallabuu barbaadan "yeroo fi halli addunyaa geeddarameera" xexxeba jedhu. Qabsoon Oromoo yeroo dhuma kana keessa dhalate. Kan isa dhalches rakkina Oromooti. Rakkinni sun hanga jirutt qabsoon saas hin dhaabbatu. Akka itt qabsaawu immoo abbaatu filata, innis mirga dhalootaati. Yoo waa'ee lolli qabanaawaa raawwachuu baanu tahe, isarraas waanti argame hin jiru ture. Raawachuunsaa Oromoof kan caalaatti abdii kennu malee kan mogolee buusu miti. Lolli addunyaa qabanaawaan raawwachuun empayera Rusiyaa iyyuu fonqolchee jira. Kaasaa saatiinis orma lakkofsa hin qabnetu bilisoome. Empayerri Itiyoophiyaa isa hin caalu. Wanti inni diigamee ummati jalatti hidhaman bilisa hin baaneef hin jiru.

Murni kun jaarmiyaa sana gochuu dandahu akka hin uummanne seenaan saanii kurnan darbani illee ni agarsiisa. Dandeettii of diigu malee kan of ijaaruu, laaffisuu malee kan jabeessuu hin agarsiifne. Ergammi saaniis empayeritt demokratessuu malee Mootii Habashaa ofirraa buqqisuu miti. Habashaan tokko yoo buqa'e kan bira bakka bu'uuf qabeenyaa fi jaarmiyaan of qopheesseera. Galtuun Oromoo lachanuu hin qabdu. Kan iseen abdattu baalcha mootota alaati. Isaanii bu'aa malee, yoo tokko buusanii kaan olbasanis argamee hin beeku. Horiin gabbaraa tola hin baatu. Ummati saanii inni gabbara baase mirga gaafachuu qaba. Carraan galtuu tuffiin gad ilaalamaa jiraachuu qofa. Yeroof waan ashkarii amanamaa tokkoof kennamu ni laatuuf taha. Akka inni walqixxee taa'u hayyamuun garuu gonka. Qaanii fi salphina irraa kan oolchu hin jiratu. Kun kan saanii qofa osoo hin tahin hamlee ummata saaniis tuquu dandaha. Yoo dadhaban of facaasanii akka abba tokkeetti galanii ulfinaan jiraachuun osoo dandahamuu ABO Itiyoophiyeessu yaaluu irra du'anii baduu isaanii wayya ture. Goobanummaan Oromoof bu'aa buusa yoo tahe, OPDO, WFIDO, ONCOn ni gahu. Kan barbaade maqaa filatee itt duuduu dandaha. Kana malee Oromoo filmaata heddummeessuu osoo hin tahin ba'aa irra tuuluu taha. ABOn ayyaana Oromooti, ayyana Oromoo xureessuun cubuu faloo hin qabne. Jarri akkasitt galuuf mari'ataa jiru kun akka ummata Oromoo kan kolfaa hin goone irra deddeebifnee gaafanna. Tokkummaa qabsaawota Oromoo diigan deebisanii osoo hin dhinsin akka maqaa Oromootiin eenyu waliinuu hindhoofsifnes ni gaafanna. Kun osoo hin tahin gareen tokko fottoqee yoo Itiyoophiyaa tahuu gale karaa dandeenyu hunda dura dhaabbana. Nuti qabsaawoti Oromoo, garbummaa Minilik nurra kaa'ee ijollee keenya hin dhaalchifnu. Hanga qabsaawaan Oromoo inni dhumaa nagahe jedhutt maqaan ABO diinaatti galee hin xuraawu. Abbaan barbaade galee jiraachuun mirga saati.

Ummati Oromoo roorroo diinaa, dhukkuba, beela fi wallaalinaan mankaraarama akka jiru ifaa dha. Harka kennachuun hogganootaa itt caalchisa malee sana hin hambisu. Namooti yartuun saamicha dureeyyii addunyaatiin gaggeeffamu keessa gugatanii waliin saamuu hamlatanii jiru taha. Yoo lafti mootumaa koloneeffataan kiraayyeffamu, yeroo Oromoon lafa saa irraa buqqifamu halagaa waliin qircachuuf Itiyoophiyaa tahanii Oromootti duuluuf adeemu. Alaabaa Minilik qabatee Oromootti duule maratanii Oromoo doorsisuuf deemu. Hundu kana baree jara kayyoosaa dabsanii diinatt galchuuf kahan balaaleffatuu qaba. Qabsoo jalqabe yoo itt ciche qofa kan ulfina argatu; kan dhalooti dhufus ittiin boonu. Nagaan qabsoon malee harka kennachuun hin dhufu. Dhukkubaa garaa jiru nagaan hin jiru jedhu abbooliin. Dabeessi duuti lama, tokko gaafa baqate, tokko gaafa du'e. Oromoon sichi dhukkuba garaa kaa'atee aadaa hin jiratu, lamas hin du'u. Qabsaawoti saa kumtama tahan ammayyuu jiru. Hanga inni mirga isaa dhalootaa deefatee ulfina isaaf tahu gonfatutt diinaaf hin jilbeenfatan. Kan diinaa waliin hasawu yoo jirates akkaataa nagaan Oromiyaa abbaa biyyaa galchu qofa taha.

Haalli amma jiru yaadchisaa dha. Hamaa ofirraa faccisuuf yeroo itti of qopheessan malee yeroo harka kennatan miti. Eenyutti akka kennatanuu gaafii jala ooluu dandaha. Qoccolloon goloota Habashaa gidduutti jalqabe garri inni itti deemu hin beekamu. Akkuma Mallasaan sodaate lola

lammoota gidduu kaasuu ni dandaha. Kan isaan gidduutti ka'u akka irra dhangala'ee Oromoo hin faalle hordofanii xiinxaluu fi, waanti dhufu dandahu hidhannoo hiikkatanii akka namatt hin dhufne of eeguu dha. Habashaan lafaa fi ciisanyaa saa dhabe akka aarii itti hin bahanne ofirratti ilaaluu dha. Oromoon kan ofii malee kan halagaa hin barbaadu. Kan ofiimmoo yeroo inni callisee namati dhiisu darbee jira. Dhaabotii fi mootummooti sabgidduu dhiibbaa harka kennisiisu Oromoo irratt tolchaa jiran kan Oromoo hubu tahuusaa yaadachiifna. Oromoon ofiin buluu barbaada. Kanaafis kutatee ka'eera. Hooganooti muuyyoo tahan tokko tokko dadhabbii agarsiisaa jiraniin Oromoon hedamee yoo tahe dogoggora. Oromiyaan akkuma kolonoota hundaa mirga bilisa bahuu qabdi. Gaaffiin see gaaffi qajeeltuu fi demokraatawaa dha. Kanaaf demokratoti gargaaruu malee dura dhaabbachuu hin qaban jenna. Deggersa gara walabummaatti nugeessu hunda ni galateeffana, itt gammadnas. Fedhin keenya ofiinbuluu dha, galli keenya sirna Gadaa demokraasiiti.

Injifannoon ummata Oromoof!
Qabsoon itti fufa, injifannoon ni dhufa!

Qaamaa Cehumsa ABO

OROMO LIBERATION FRONT
ADDA BILISUMMAA OROMOO

Press release

7/11/2005

Statement on the current political situation in the Ethiopian Empire State and the irresponsible Shane call to the Oromo people

The current political situation in Ethiopia, particularly after the 15 may 2005 election, and the way it is responded to by a group laying faraway from it is pathetic. The Shane Gumii has now called for a civic action with a short notice. We have seen how the Wayyaanee is humiliating the CUD even under the close watch of international community. Lives are being lost for a struggle, which could hardly be sustainable. The Oromo which now is called upon to resist is a rural population in most of the case. Who is going to witness the atrocities that TPLF possibly unleashes? It could be a disaster. For what ever happens to our people because of this call the Shane will be held responsible. To give ones live in an orderly struggle is a noble act. But when it is performed to help unintended enemy and even that done with a remote control would be a wasted sacrifice.

The Oromo people can neither remain aloof from nor succumb to any political event that takes place in Ethiopia in general, and in Oromia in particular, where the points of contentions are on our property and our land. However, the Oromo people respond to such an event on their own terms, depending on the conduciveness and relevance of the situation to assert their rights to national self-determination. Particularly, it is vitally important for the Oromo people to avoid being misguided, into being instruments of the regime or other oppressive political party, whose political program is even worse than that of the TPLF and counter productive to the rights of the Oromo people and other oppressed nations and nationalities in the Empire. However the Oromo people should be vigilant to fend of spill over from Habasha skirmishes, while preparing themselves for the inevitable confrontation in their struggle for their rights.

Therefore, it is the duty and responsibility of any genuine Oromo organization - be it political, humanitarian or otherwise - to help the Oromo people to avoid any spontaneous political actions

cajoled by opportunists that are not any closer to it. Any civil action requires a vanguard organization and a daring and committed leadership by its side. Look at the Habasha, the leadership went back to be present with the people under dire situation. That is what is required of a leadership, to share the suffering of its constituency. In the absence of proper political guidance and a vanguard political organization to co-ordinate and lead their actions the suffering would be great and the outcome humiliating. Spontaneity in political struggle can result in an irreparable damage to our future movement. The Oromo struggle should not be guided by spontaneity. It has to take a process, which proceeds in accordance to its short, medium and long-term plans and strategies, depending on its organizational strength.

The irresponsible call of the Shane to the Oromo people

The Shane leaders, without being fully awake from their shame of humiliating rejection, as usual by the TPLF, made a call to the Oromo people for face saving. By their amateurish political venture the Oromo genuine struggle against colonialism and the oppressive TPLF regime could be highjacked by another Abyssinian party with a political program that deprives the Oromo people and other oppressed nations of the gains they scored so far through their struggle. Their political action could end up boosting the current demonstrations called by the CUD, and at the same time undermining the struggle of the Oromo people for freedom.

Before making any call the Shane should take an unequivocally stand on national Kaayyoo and Oromo relation with Ethiopia. The Oromo have the right to know if the Shane still upholds OLF programme in its fundamental strategically and tactical form. If it still stands with the programme Shane is also required to cleanse its faction from Ethiopianist elements. Oromo tradition and law also requires consensus from all parties concerned when measures that affect national Kaayyoo are taken. It is not only the concern of Shane but of all Oromo when it comes to the relations with colonialists and Oromo interest. Ones again we want to remind the Shane that in absence of organizational strength - politically, militarily, and materially - to accommodate and handle the situation both at home and abroad, the call to action could be disastrous. Without fulfilling the necessary requirements to handle the situation, and to accommodate a force, which may join the Organization, making such an irresponsible call serves only one of the following purposes:

1. In the absence of a genuine independent Oromo political organisation nearby, which closely monitors and gives the necessary directives, it is inviting the people to total anarchy, whereby the Abyssinian parties misguide the situation and use to their own political ends.
2. In the absence of the necessary capacities to accommodate the human power which may be displaced as the consequence of the political crisis, leaving this force to it own fate, exposing it to danger, starvation and disease means committing a big crime against the people. No genuine national would lead the people to a disaster to facilitate for alien manoeuvres.
3. In light of the current war preparation with Ethiopia, if the purpose of the call is to draft the Oromo youth for alien army as pay back, that will be even the worst crime perpetrated against the Oromo people.
4. Or, if it is to show solidarity with the CUD, by urging the Oromo people to take part in its call for Civil disobedience, without analysing the CUD election manifesto and understanding its consequences on the Oromo right, will lead to another mess.

Whatever the reason might be the untimely call of the Shane to the Oromo people at present through fax messages and radio broadcast is irresponsible and harmful. Therefore, Oromo people have to

continue their struggle based on their fundamental principle and political objective, under their own vanguard organisation, the OLF, without spontaneously jumping into different political crisis created by other parties, whose political agendas for the oppressed nations and nationalities could be even more harmful than the prevailing one. We call upon the Shane to refrain from such actions harmful to our people and our struggle.

However, based on their political programmes and their genuine democratic nature, the Oromo people and their organisation, will show their solidarity with different democratic organisations, and strengthen their alliances, particularly with the political movements of the oppressed nations and nationalities.

The OLF vehemently condemns the killings of unarmed civilians and the interment of political activists without due process of law. We demand immediate release of the imprisoned unconditionally and due apology and compensation for families of the dead.

The struggle will continue!

Victory to the Oromo People!

Oromo Liberation Front Transitional Authority